# Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiistotaa

## Kutaa 8

**Barreessitoota**

Gosaa Buraayyuu

Tsahaay Baay'isaa

**Gulaaltota**

Abaadir Abraahim

Taaddasaa Deettii

**Madaaltota**

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagee

**Ogeessa Giraafiksii**

Taaddasaa Dinquu

**BIIROO BARNOOTAA OROMIYAA 2014/2022**

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta’iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa’e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta’e gartokkeen maxxansiisuus ta’e baay’isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

## BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

Seensa Waliigalaa ....................................................................................................iv

BOQONNAA 1: AYYAANOTA UMMATAA.............................................................1

BOQONNAA 2: TOLA OOLTUMMAA ....................................................................9

BOQONNAA 4: DHUKKUBOOTA DADDARBOO)................................................27

BOQONNAA 5: SHEEKKOO ..................................................................................36

BOQANNAA 6: TURIIZIMII ...................................................................................42

BOQONNAA 7: FALMII..........................................................................................48

BOQONNAA 8: FAYYADAMA TEEKINOOLOOJII ............................................55

## Seensa Waliigalaa

Qajeelchi barsiistotaa kutaa 8ffaa kun barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiifamuuf barsiistota qajeelchuuf kan qophaa'edha. Sirni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa haaraan, silabasii Ministeerri Barnootaa Hammattoo Sirna Barnootaa Barnoota Waliigalaa Itoophiyaa qopheesserraa gara qabatama naannoo Oromiyaatti akka madaqu taasisuun kan qophaa'eedha.

Xiyyeeffannoon sirna barnootaa kanaa barattoonni danddeettiiwwan afaanii kanneen ijoo ta'an (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu) horachuun/dagaagfachuun afaanichaan barreeffamaafi dubbiin akka waliigalteef itti fayyadaman taasisuudha. Haaluma kanaan, kaayyoo ijoon sirna barnootaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa kun barattoonni akka barattoota afaan lammaffaatti dandeettii, beekumsaafi gahumsa afaan lammaffaarratti gulantaa kanatti barbaachisu akka gonfatan gochuun jiruufi jireenya keessatti akka itti fayyadamniifi jiruufi jireenya isaanii keessatti akka milkaa'an taasisuudha.

Kaayyoo kana haala barbaadamuun galmaan gahuuf kitaaba barattootaa boqonnaalee gurguddoo saddeetitti qooduun bifa dandeettiiwwan afaanii isaan ijoofi xixiqqaa gonfachiisuu danda'amuun qophaa'eera.Tokkoon tokkoon boqonnaa jalatti ammoo, barannoowwan adda addaatu jiru. Isaanis,dhaggeeffachuufi dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa, afoola fa'i.

Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf haala mijeessa.Barsiisonnis hanga danda'ametti tooftaalee sissi'eessaa garagaraatti fayyadamuun barnoonni gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasiisuu qabu.

**Dandeettiiwwan afaanii**

**I) Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

Barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratamu keessatti dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuu xiyyeeffannoo guddaa argachuu qabu. Bu'uuruma Kanaan, kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyaatanii jiru.Kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni garagaraa dandeettiiwwan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisonni kana qofarratti osoo of hindaangessin shaakala garagaraa qopheessuun (waliin dubbii garagaraa qopheessuun) ogummaawwan akka gabbifatan taasisuun barbaachisaadha.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

- Afaanichaan barattoota fuuldura ba'anii bilisaan dubbachuu shaakalsiisuu
- Marii garee
- Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti qooda fudhachiisuu
- Falmii gaggeessuufi kanneen kana fakkaatan

**II) Dubbisuufi Barreessuu.**

Barattoonni barnoota afaan lammaffaa keessatti ogummaawwan dhaggeeffachuu,dubbachuu, dubbisuufi barreessuu sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegalu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawwan kanneen ilaalchisee muuxannoon isaan qaban muraasa yookaan hinjiru waan ta'eef, brattoonni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu keessatti carraa dhagaggeeffachuu,dubbachuu, barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattoonni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha.

Akkasumas, akka barattoonni barruu kalaqaa garagaraa kanneen akka seenessaa, faaruu, sheekkoo, xalayaafi asoosama gabaabaa dubbisuu jalqabarraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisotaati.

**Mala baruu barsiisuu waliigalaa**

Malli baruu barsiisuu waliigalaa filatamaan kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaa ta'edha. Barsiisonni akka barattoonni hirmaatan kan haala mijeessan malee kan ofii waa mara dhiyeessan miti. Kun ammoo, akka barattoonni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Malleen baruu barsiisuu kanaa gaditti dhiyaataniifi malleen si'aayinaan barachuu biroos fayyadamuun nidanda'ama.

- Marii……
- Gaaffiifi deebii
- Hojii garee
- Agarsiisuu
- Mala jechaafi gochaan agarsiisuu
- Falmii

- Diraama
- Gahe Taphachuu

**Mala Marii**

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiistonni mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariiyatanii yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa.Marii isaanii kanas niqindeessa.Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa yaada dhiyeessuu akka gabbifatan gargaara.

**Mala Gaaffiifi Deebii**

Mala kana keessatti barsiisonni gaaffilee garagaraa fayyadamuun shaakala dhiyaateef akka barattoonni ogummaawwan barbaachisan gabbifatan taasisa. Gaaffilee barattoonni kaasaniis nideebisu. Barsiisonni akka barattoonni karaa garagaraatiin yaaduun qabiyyees ta'e uunkaa barnootaa argaan irratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessa.Barsiisonni gaaffilee akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffilee deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti gaafachuun dhimma itti baha.

**Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu**

Asitti barattoonni sochaalee qaama isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa'u. Gilgaalonni haala kanarratti qophaa'an walaloo, hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa sakaalan dhiyeessuun barsiisotas ta'ee barattoonni dhimma itti bahu.Barsiisonni akka barattoonni gareen yookaan cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeruun filannoon akkasii kenamuufii qaba.

**Hojii Garee (Marii)**

Hojjin garee mala baratoonni gareedhaan ta'uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun yookaan deeggaruun itti ibsaniidha.

# BOQONNAA 1: AYYAANA UMMATAA

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti yaada bu'uuraa "**Ayyaana Ummataa"** jedhu jalatti barruun "A**yyaana Irreecha**a" jedhu dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbisuu gabbisuuf dhiyaateera. Dubbisa dhaggeeffachuufi dubbisuuf dhiyaate bu'uura godhachuun gilgaalonni adda addaa qophaa'anii jiru. Kana malees, dandeettiiwwan barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi afoolaa gabbisuuf gilgaalonni adda addaa dhiyaatanii jiru.Kanaafuu, barsiisonni akkaataa itti barattoota hojjechiisuu qaban tokko tokkoon gilgaalotaa jalatti qajeelfamni ifa ta'e waan jiruuf, kallattiiwwan kana hordofuun raawwachuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- barruu dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- barruu dubbifamuuf dhaggeeffachaa gaaffilee nideebisu;
- barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaadota callaafi ijoo adda baasu;
- jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti nifiroomsu;
- jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban fayyadamuun bakka duwwaa niguutu;
- maqaalee dhuunfaafi waliinii adda nibaasu;
- tapha ijoollee naannoo isaanii nitaphatu.

**Qabiyyeewwan (**Wayitii 10**)**

1. Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu (Wayitii 2)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (wayitii 2)
5. Seerluga (Wayitii 2)
6. Afoola (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (wayitii 2)**

Barannoo kana keessatti ,barattoonni:

- barruu dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa yaada ijoofi callaa adda baasu;
- waan dhaggeeffatan keessaa yaada bu'uuraa argatan nihimu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1: Shaakala dhaggeeffachuun duraa**

- qabiyyee barattoonni barachuuf jiran muuxannoo isaanii wajjin walqabsiisuufi waa'ee maalii dhaggeeffachuuf akka deeman tilmaamsisuun qalbii isaanii gara barannichaatti deebisuu;
- barattoonni gaaffilee shaakala dhaggeeffachuun duraa jala jiranirratti yaada isaanii sodaa tokko malee akka ibsan jajjabeessuu;
- deebii barattoonni kennan hunda osoo hindaangessin irraa fuudhuu.

**Deebii Gilgaala 1**

- gilgaala kana jalatti barattoonni kallattii garagaraan deebisuu waan danda'aniif, deebii murtaa'aa hinqabu.
- gaaffii 1ffaafi 2ffaa jalatti ayyaanota naannoo isaaniitti kabajaman maqaa dhahuu danda'u.
- gaaffii 3ffaa jalattis waa'ee ayaana irreechaa waan beekan kallattiiwwan adda addaan ibsuu danda'u.
- kanaafuu, deebii isaanii hunda irraa fuuchuudhaan yaada isaanii gara barruu dhaggeeffachuutti deebisuun gaarii ta'a.

**Gilgaala 2: Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu**

- shaakala kana jalaatti barattoonni gaaffilee kitaaba barataa keessatti gilgaala 2 jala jiran akka barreeffataniifi dubbisanii hubatan taasisuu;
- mata dureen akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan "Ayyaana Irreecha" jedhu, gabatee boronqiirratti barreessuu;
- barreeffama ati dubbifamuuf dhaggeeffachaa gaaffilee gilgaala tokko jala jiran akka deebisuu qaban qajeelchuu;

- barreeffamicha si’a 3 irra deebi’uun dubbisuu;
    - jalqaba, saffisaan dubbisuun barattoonni callisaan akka dhaggeeffata gochuu;
    - yeroo lammaffaa, dhaggeeffataa deebii akka barreessan gochuu;
    - sadaffaarratti mirkaneeffachuuf akka dhaggeeffatan taasisuu;
- dhumarratti deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan ofmadaalan gochuun dareef akka dhiyeessan qajeelchuu.

**Ayyaana Irreecha**

Ayyaanni Irreechaa sirna waaqeffannaa ummatni Oromoo gamtaadhaan bahee Waaqa kadhatuufi galateeffatuudha. Irreechi waqtii irratti hundaa’uun Irreecha Birraafi Irreecha Arfaasaa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Irreechi Birraa yeroo birraan bari’u dhuma ji’a Fulbaanaa keessa malkaatti bahamee kabajama. Irreechi Arfaasaa ammoo, waqtii Arfaasaa ji’a Eblaa keessa tulluurratti kabajama. Walumaagalatti, Irreecchi sirna waaqeffannaa ummata Oromoo keessaa tokko ta’ee, kan ummatichi waggaatti si’a lama gamtaan malkaafi tulluutti bahuun uumaa isaa galataafi kadhataan waaqeffatudha.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Irreecha Birraafi Irreecha Arfaasaa jedhamuun bakka lamatti qoodama.
2. Irreechi Birraa malkaatti kabajama.
3. Irreechi Arfaasaa ji’a Eblaa keessa kabajama.
4. Irreechi Arfaasaa tulluurratti kabajama.

**Gilgaala 3: Gaaffilee dhaggeeffachuun boodaa**

- barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifatan taasisuu;
- gaaffilee dhiyaatan akkuma ajaja isaattii hojjechiisuu;
- gilgaala 3A dhuunfaan eega hojjetanii booda akka waliif sirreessan qajeelchuu;
- gilgaala 3B gareen hojjechuun dareef akka gabaasan taasisuu.

**Deebii Gilgaala 3 A**

1. Soba 2. Soba 3. Dhugaa

**Deebii gilgaala 3 B**

1. barattoonni dubbisa dhaggeeffatan irraa waan hubatan karaa garaagaraan ibsuu danda'u.
2. ayyaanota naannoo isaaniitti kabajaman keessaa tokko filachuun hiriyoota daree isaaniitti himu.

**Barannoo 2: Dubbisuu (wayitii 2)**

Barannoo kana keessatti barattoonni:

- barruu dubbisuuf deeman nitilmaamu;
- odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa nibaasu;
- waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisuun duraa**

- qabiyyee barattoonni barachuuf jiran muuxannoo duraanii wajjin akka walqabsiisan haala mijeessuu;
- kanatu sirriidha yookaan kanatu sirrii miti osoo hinjedhin waan isaanitti fakkaatu gaaffilee yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu.

**Deebii gilgaala 4**

1. barattoonni waan fakkiiwwan dhiyaatanirraa hubatan karaa adda addaan ibsuu danda'u.
2. muuxannoofi hubannoo barruu dhaggeeffatan irraa argatan irratti hundaa'uun deebisuu danda'u.
3. gaaffii kana jalatti barattoonni hiika jechoota kennamanii tilmaamu.
   a. Malkaa: <u>lafa bishaan keessa ciisu yookaan yaa'u</u>
   b. Tulluu: <u>lafa ol ka'aa, tabba, gaara</u>
   c. Kabajuu: <u>ulfina kennuu, ayyaaneffachuu</u>
   d. Waaqeffachuu: <u>galateeffachuu, kadhachuu</u>

**Gilgaala 5: Shaakala yeroo dubbisuu**

- gaaffilee gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisicha saffisaan dubbisuun akka deebii kennan qajeelfama kennuu;
- dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegalin gaaffilee yeroo dubbisan deebisan qalbiitti akka qabatan itti himuu;
- saffisaafi cal'isaan akka dubbisan qajeelchuu;
- gaaffilee yeroo dubbisuu dhiyaatan deebisaa erga deemanii booda gareen akka irratti mari'atan taasisuu;
- dhumarratti deebii isaanii akka walii sirreessan taasisuun duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 5**

1. Ayyaanni irreechaa sirna **<u>waaqeffannaa</u>** ummanni Oromoo gamtaadhaan bahanii Waaqa kadhataniifi galateeffataniidha.
2. Irreechi **<u>Malkaa</u>** yeroo birraan bari'u dhuma ji'a Fulbaanaa keessa malkaatti bahamee kan kabajamudha.
3. Irreechi **<u>Tulluu</u>** immoo waqtii Arfaasaa ji'a Eblaa keessa tulluurratti kan kabajamudha.
4. Ummatichi **<u>ilillii</u>** fi marga jiidhaa yookaan **<u>coqorsa</u>** harkatti qabachuun gamtaadhaan gara malkaatti bahee Waaqaaf galata dhiyeessa.

**Gilgaala 6: Gaaffilee dubbisuun boodaa**

**Deebii gilgaala 6 A**

1. D 2. C 3. A 4. D

**Deebii gilgaala 6 B**

Gilgaala kana jalatti hubannoo dubbisicha irraa argataniifi muuxannoo qaban walqabsiisuudhaan kallattiiwwan garagaraatiin deebisuu waan danda'aniif deebii murtaa'aa qabaachuu dhiisuu danda'a.

**Barannoo 3: Fayyadama jechootaa (wayitii 1)**

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- hiika jechootni galumsa keessatti qaban nihimu;
- jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti nifiroomsu;

**Gahee barsiisaa/tuu**

- hiika jechoonni dubbisa keessatti gurraacheffaman galumsa keessatti qaban akka himan taasisuu;
- jechoota gilgaala 7 rogoota "A" fi "B" jalatti kennaman hiika fakkaattiin akka walitti firoomsan hojii daree kennuun qajeelchuu;
- duubdeebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 7**

1. D 2. C 3. B 4. A 5. F 6. E

**Barannoo 4: Barreessuu (wayitii 2)**

Barannoo kana keessatti barattoonni:

- jechoota kennaman keessaa kanneen sagalee gabaabaafi dheeraa qaban adda baasanii barreessu;
- fakkeenya kennameef hordofuun jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban nibarreessu;
- jechoota sirrii ta'an filachuun bakka duwwaa himoota kennamanii niguutu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maalummaa sagalee gabaabaafi dheeraa ibsuu;
- fakkeenyota adda addaa kennuu;
- gilgaala 8A jalatti jechoota kennaman keessaa kanneen sagalee gabaabaafi dheeraa qaban adda baasanii akka barreessan qajeelchuu;
- gilgaala 8B jalatti jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban dubbisa keessaa funaanuun akka barreessan taasisuu;

- gilgaala 8C jalatti fakkeenyota kennamanhordofuun jechoota sagalee gabaabaa qaban eega barreessanii booda akka dheeressan taasisuu;
- gilgaala 8D jalatti ammoo jechoota sirrii filatanii bakka duwwaa akka guutan qajeelchuu;
- bakka barbaachisutti deeggarsa taasisuu;
- duubdeebii ifaa kennuu.

**Deebii Gilgaala 8 A**

| **Sagalee gabaabaa** | **Sagalee dheeraa** |
|---|---|
| Bona | booqaa |
| kabaja | jiidhaa |
| coqorsa | aadaa |
| kadhata | seenaa |
| mara | duudhaa |
| galata | qooduu |

**Deebii gilgaala 8 B**

Gilgaala kana jalatti, barattoonni, dubbisa keessaa jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban adda baasuun barreessu.

**Deebii Gilgaala 8 C**

1. B  2. C  3.A  4.C  5. D

**Barannoo 5: Caasluga (wayitii 2)**

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- hima keessatti maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii adda baasu;
- jechoota tarreeffaman maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii jalatti niramadu;

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii akka adda baasan ibsaafi fakkeenyota adda addaa kennuu;

- himoota gilgaala 9A jalatti kennaman keessaa maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii baasanii akka barreessan qajeelchuu;
- jechoota gilgaala 9B jalatti saanduqa keessatti kennaman maqaa dhuunfaafi fi maqaa waliinii jalatti akka ramadan taasisuu;
- duub deebii ifaa kennuu.

**Deebii Gilgaala 9 A**

1. Caaltuun kitaaba dubbisti.

   Maqaa dhuunfaa: ***Caaltuu***

   Maqaa waliinii: ***kitaaba***

2. Magarsaan nama jaallata.

   Maqaa dhuunfaa: ***Magarsaa***

   Maqaa waliinii: ***nama***

3. Irreechi ayyaana beekamaadha.

   Maqaa dhuunfaa: ***Irreecha***

   Maqaa waliinii: ***ayyaana***

4. Finfinneen magaalaa guddoodha.

   Maqaa dhuunfaa: ***Finfinnee***

   Maqaa waliinii: ***magaalaa***

**Deebii Gilgaala 9B**

| | Maqaa dhuunfaa | Maqaa Waliinii |
|---|---|---|
| 1. | Jimmaa | leenca |
| 2. | Awaash | sangaa |
| 3. | Boontuu | muka |
| 4. | Oromiyaa | baala |
| 5. | Lalisee | dhiira |
| 6. | Leensaa | buna |

**Barannoo 6: Afoola (wayitii 1)**

**Tapha Ijoollee**

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- ☞ tapha ijoollee dhiyaate lama lamaan nitaphatu;
- ☞ tapha ijoollee naannoo isaanii walitti nihimu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- ♦ taphni ijoollee akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, akaakuuwwan adda addaa akka qabuufi bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaachuu akka malu ibsuu;
- ♦ tapha ijoollee kitaaba barattootaa keessatti "kan golee maali?" jechuun dhiyaate lama lamaan taphachuu akka shaakalan qajeelfama kennuu;
- ♦ tapha ijoollee beekan akka taphatan jajjabeessuu;
- ♦ duub deebii qajeelaa kennuu.

**Deebii Gilgaala 10**

Gilgaala kana jalatti barattoonni tapha ijoollee kitaaba isaanii irratti kennamme lama lama ta'anii dabaree dabareedhaan shaakalu.Kanaafuu, qajeelfama ifaa kennuufi bakka barbaachisaa ta'etti deeggarsa gochuudhaan barattoota hunda hirmaachisuun akka lama lamaan taphatan gochuun barbaachisaadha.

Taphni akkasii barattootni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanu maqaa meeshaalee mana keessaa akka adda baasaniifi dandeettii ariitiin dubbachuu isaanii akka gabbatu taasisa.Bakka barbaachisutti maqaa meeshaalee mana keessaa gabatee boronqii irratti barreessuufiin deeggaruun nidanda'ama.

# BOQONNAA 2: TOLA OOLTUMMAA

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbisuu shaakalsiisuuf mata dureewwan **Tola ooltummaa** jedhuufi **Abbabach Goobanaa** jedhu walduraa duubaan dhiyaatanii jiru. Dubbisa dhaggeeffachuufi dubbisuuf dhiyaatan keessatti gaaffileen gilgaalota adda addaa jalatti kennamanii jiru.Kana malees, barannoowwan barreessuu, fayyadama jechootaa,caaslugaafi afoolaa jalatti gilgaalonni dhiyaatanii jiru.Haaluma kanaan, barsiisonni akkaataa itti barattoota hojjechiisuu qaban tokko tokkoon gilgaalotaa jalatti qajeelfamni ifa ta'e waan jiruuf, kallattiiwwan kana hordofuun raawwachuun barbaachisaadha.

**Bu’aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni’ibsu;
- waliin dubbii jalqabame nixumuru;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban adda nibaasu;
- keeyyata keessatti walqabsiistota adda nibaasu;
- himoota keessatti sirna tuqaalee bakka sirriitti nifayyadamu;
- himoota keessaa maqibsoota adda nibaasu;
- ergaa mammaaksotaa nihimu.

**Qabiyyeewwan (**Wayitii 10**)**

1. Dhaggeeffachuu fiDubbachuu (Wayitii 2)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (wayitii 2)
5. Seerluga (Wayitii 2)
6. Afoola (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu (wayitii 2)**

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- dhaggeeffachuun dura waa'ee waan dhaggeeffachuuf jiranii nitilmaamu;
- dubbisa dhihaatuuf dhaggeeffachaa yaada ijoo dubbisichaa ni eeru;
- waan dhaggeeffatan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1: Gaaffilee dhaggeeffachuu dura**

- shaakala dhaggeeffachuu duraa kitaaba baratttotaa keessatti dhiyaate barattoonni akka hojjetan gochuun muuxannoo isaanii gara mata durichaatti fidatan taasisuu;
- barattoonni osoo dubbisa dubbifamuuf hindhaggeeffatin mataduree dhiyaate ilaalaniiakka tilmaaman taasisuu;
- deebii barattoonni kennan harkaa fuudhuu malee deebii isaan kennan qeequu hinbarbaachisu.

**Deebii gilgaala 1**

Gilgaala 1 jalatti gaaffilee dhiyaataniif deebiin kennamu murtaawaa miti.Barattoonni yaada isaan maddisiisan irraa fuudhuun qalbii isaanii gara dhaggeeffachuutti akka deebisan taasisi.

**Gilgaala 2: Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu**

- shaakala kana jalatti barattoonni gaaffilee kitaaba barattootaa keessatti gilgaala 2 jala jiran akka barreeffatan taasisuu;
- mata duree akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan "**tola ooltummaa**" jedhu, gabatee boronqii irratti barreessuu;
- barreeffamicha jalqaba saffisaan dubbisuu; barattoonni callisaan akka dhaggeeffatan taasisuu;
- yeroo lammaffaa suuta dubbisuun barattoonni dhaggeeffachaa akka guutan qajeelchuu;
- sadaffaa irratti, waan guutan mirkaneeffachuuf akka dhaggeeffatan qajeelchuu.

## Tola ooltummaa

Tola ooltummaan humna, maallaqa, beekumsaafi dandeettii qaban kaffaltii tokko malee fedhiidhaan hojii gaariif oolchuudha. Hojiin gaariin kunis hojiiwwan namoota dhuunfaa yookaan hawaasa fayyaduu danda'u hunda kan hammatudha. Fakkeenyaaf, maanguddoota gargaaruu, daa'imman gargaaruu, namoota rakkoo adda addaa keessa jiran deeggaruu, bishaan dhugaatii qulqulleessuu, naannoo qulqulleessuu, biqiltuuwwan dhaabuufi kunuunsuu, namoota hinbaranne barsiisuu, barattoota qo'achiisuu, kkf ofkeessatti hammata. Barattoonni haala barnoota isaan iirratti dhiibbaa hingeessifneen yeroo boqonnaa isaanii hojii tola ooltummaa hojjechuu danda'u.Hojiin tola ooltummaa gammachuufi boqonnaa sammuu namaaf kenna.Akkasumas, walitti dhufeenya hawaasummaa nicimsa.Kana malees, jaalalli biyyaafi hawaasaa akka dabalu nitaasisa.

**Deebii gilgaala 2**

1. tola ooltummaa jechuun humna, maallaqa, beekumsaafi dandeettii qaban kaffaltii tokko malee fedhiidhaan hojii gaariif oolchuudha.
2. hojiin tola ooltummaa hojiiwwan namoota dhuunfaa yookaan hawaasa fayyaduu danda'u hunda kan hammatudha.
3. hojiin tola ooltummaa gammachuufi boqonnaa sammuu namaaf kenna. Akkasumas, walitti dhufeenya hawaasummaa nicimsa. Kana malees, jaalalli biyyaafi hawaasaa akka dabalu nitaasisa.

### Gilgaala 3: Gaaffilee dhaggeeffachuun boodaa

- Gulantaa kanatti barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii gabbifatu. Kanaafuu, waliin dubbii jalqabame yaada mataa isaaniitiin lama lama ta'anii gahee Tolasaafi Leensee fudhachuun akka xumaran qajeelfama ifaa ta'e kennuun barbaachisaadha.

**Deebii Gilgaala 3 A**

Barattoonni hubannoo isaanii karaa adda addaan ibsuu danda'u

**Deebii Gilgaala 3B**

Gilgaala kana jalatti deebii murtaa'aa kennuun rakkisaadha.Haata'u malee, yeroo barattoonni waliindubbii adeemsisanu, sirriitti hordofuun deeggarsaafi duubdeebii qajeelaa kennuun gahee barsiisotaati.

**Barannoo 2: Dubbisuu (wayitii 2)**

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- barruu dubbisuuf jiran nitimaamu;
- barruu dubbisuun yaadota callaafi ijoo adda nibaasu;
- ergaa barruu dubbisanii nihimu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisuun duraa**

- barattoonni qabiyyee barachuuf deeman muuxannoo duraan qaban wajjin akka walqabsiisan haala mijeessuu;
- kanaafuu, kanatu sirriidha yookaan kanatu sirrii miti osoo hinjedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffilee shaakala dubbisa duraa jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruutu sirraa eegama.

**Deebii gilgaala 4**

Barattoonni deebii garaagaraa waan kennaniif, barsiisonni deebii isaanii harkaa fuuchuun yaada waliigalaa itti kennuudha.

**Gilgaala 5: Gaaffilee yeroo dubbisuu**

- dubbisicha dubbisaa gaaffilee gilgaala kana jalatti dhiyaataniif deebii akka kennan qajeelfama kennuu;
- dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegalin gaaffilee yeroo dubbisan deebisan qalbiitti akka qabatan itti himuu;
- kana booda saffisaafi cal'isaan akka dubbisan qajeelchuu;
- gaaffilee yeroo dubbisuu dhiyaatan guutanii erga xumuranii booda gareen akka irratti mari'atan taasisuu;

- dhumarratti duub deebii sirrii ta’e kennuu.

**Deebii gilgaala 5**

1. Godina Shawaa Kaabaa, aanaa Giraar Jaarsoo bakka 'Shabal' jedhamutti dhalatte.
2. bara 1935 keessa
3. hiyyeeyyiifi ijoollee haadhaafi abbaa hinqabne kunuunsuu
4. Daa’imman lama
5. haraka qalleeyyii bayyanachiisuu, ijoollee maatiin irraa du’an guddisuu, barsiisuu, tajaajila fayyaa haawwaniif kennuufi kkf.

**Gilgaala 6: Gaaffilee dubbisuun boodaa**

Gulantaa kanatti barattoonni dubbisa irratti hundaa’uun gaaffilee hubannoo dhiyaatan bakka itti deebisanidha.

Deebii gilgaala 6 A

1. B 2. C 3.A 4.C 5.B 6. B

**Deebii gilgaala 6 B**

Gaaffilee gilgaala kana jala jiran barattoonni karaa garaagaraan deebisuu waan danda’aniif deebii murtaa’aa hinqabu.

**Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa (wayitii 1)**

Barannoo kana keessatti, barattoonni

- hiika jechoonni galumsa keessatti qaban nihimu;
- jechoota hiika faallaa qaban walitti nifiroomsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- hiika jechoota dubbisa keessatti gurraacheffamanii galumsarraa akka tilmaaman taasisuu;
- gilgaala 7 jalatti hiika jechootni kennaman dubbisicha keessatti qaban deebii sirrii ta’e filatanii akka deebisan qajeelchuu;
- duub deebii ifaa ta’e kennuu.

**Deebii gilgaala 7**

1. B 2. A 3.B 4.C 5.A

## Barannoo 4: Barreessuu (wayitii 2)

Baranno kana keessatti barattoonni:

- jechoota sagalee jabaa qaban ni barreessu;
- keeyyata keessaa walqabsiistota adda baasu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jecha keessatti dubbifamaan gosti tokko lama ta'anii walitti aananii yemmuu dhufan sagalee jabaa akka ta'e ibsuu;
- fakkeenyota adda addaa kennuu;
- gilgaala 8A jalatti jechoota sagalee laafaa kennaman jabeessuun akka jecha biroo hiika qabu barreessan fakkeenya kennuun hojjachiisuu;
- gilgaala 8B jalattijechoota bakka duwwaa irra galuu danda'an filatanii akka deebisan taasisuu;
- gilgaala 8C jalatti ammookeeyyata keessaa walqabsiistota akka adda baasan qajeelchuu; fakkeenya kennuu;
- gilgaala 8D jalatti himoota keessatti tuqaalee sirrii akka galchan qajeelchuu;
- deeggarsa barbaachisu hunda taasisuu;
- duub deebii ifaa kennuu.

**Deebii gilgaala 8A**

1. dammee
2. baddaa
3. soddaa
4. harree
5. hedduu

**Deebii gilgaala 8B**

1. C 2. A 3.B 4.C 5. A

**Deebii gilgaala 8C**

Aadde Qumbeen dubartii kaamettiidha.Abbaa warraa isheefi ijoollee ishee wajjin godoo yookaan mana xiqqoo keessaa jiratu.Firri isaan gargaaru waan hin jirreef, waanuma qaban qusataanii ittii jiraatu.Kan namatti tolu garuu, jaalala ho'aa waliif qabu.Namoota biraatti ammoo hiyyummaa jaraa qofaatu itti mul'ata.

**Deebii gilgaala 8 D**

1. Badhaasaan funyaaniin dubbata.
2. Hiriyyaa kee barbaaddadhu!
3. Nama gaarii maaf rakkisuu?
4. Adeemsa baddee,"Gufuun na rukute," jetti.
5. Boontuun hoolaa, harree, qotiyyoofi hindaaqqoo danuu qabdi.

**Barannoo 5: Caasluga (wayitii 2)**

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- himoota kennaman keessaa maqibsoota adda nibaasu;
- himoota keessatti tuqaalee bakka sirriitti nigalchu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- Maalummaafi akaakuuwwan maqibsootaa irratti ibsa gabaabaa kennuu;
- Fakkeenyota adda addaa kennuu;
- Himoota gilgaala 9A jalatti kennaman keessatti maqibsoota akka adda baasan qajeelchuu;
- Duub deebii ifaa ta'e kennuu.

**Yaadannoo**

***Maqibsi*** jecha hima keessatti maqaatti aanee galuun waa'ee maqaa sannaa odeeffannoo dabalataa kennuu dha. Odeeffannoon maqibsi kennus bifa, amala, hanga, baay'ina, kkf ta'uu danda'a.

***Fakkeenyaaf***:

Obbo Tolasaan mana ***bal'aa*** ijaaran.

Hima kana keessatti jechi "***bal'aa***" jedhu maqaa "***mana***" jedhutti aanee galuun waa'ee manichaa odeeffannoo dabalataa kenna.

**Deebii gilgaala 9A**

1. Biqilaan mucaa dheeraa waame.
2. Namichi bareedaan eessuma kooti!
3. Nama dallanaa maaliif waamte?
4. Jaallataan muka dabaa mure.
5. Sangaa furdaan qaba.

**Barannoo 6: Afoola (wayitii 1)**

**Mammaaksa**

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

☞ mammaaksotaafi hiika isaanii walitti nifiroomsu

☞ hiika mammaaksotaa nihimu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maalummaafi faayidaa mammaaksaa fakkeenya ibsuu;
- mammaaksotaafi hiika isaanii wajjin akka walitti firoomsan qajeelchuu;
- deeggarsa barbaachisu hunda taasisuu;
- duub deebii ifaa hojii barattootaaf kennuu.

### Yaadannoo

***Mammaaksi*** akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, karaa hawaasni itti waliif galu, ergaa dabarsuufi ijoollee isaa aadaa, safuu fi duudhaa isaa itti barsiifatu keessaa isa tokkodha. Mammaaksi jechoota muraasa fayyadamuudhaan ergaa bal'aafi gadifageenya qabu kan dabarsudha.

**Deebii gilgaala 10 A**

1. C    2. A    C. D    4. B

**Deebii gilgaala 10 B**

1. Harree hinqabduu farda namaa tuffatti. (Ofii xinnoodha; garuu, nama tuffatti.)
2. Mi'a walfakkaatu walbira fannisu.
3. Waa gaabbuu agarsiisa.
4. Waliigalan alaa galan.(Tokkummaan ykn waliigaluun gaarii ta'uusaa agarsiisa.)

# BOQONNAA 3: BINEELDOOTA

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni yaada bu'uuraa **"Bineeldota"** jedhu jalatti barruu mata dureewwan **Bineeddaa** jedhuufi **Bineensota** jedhu dhaggeeffachuufi dubbisuuf walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.Matadureewwan kanneen jalatti shaakalawwan adda addaafi dandeettiiwwan kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, seerlugaafi afoolaa gabbisuuf gilgaalonni garaagaraa qophaa'anii jiru.Barsiisonnis qophii gahaa taasisuun haaluma qajeelfama tokko tokkoon gilgaalotaa hojjechiisuuf kennamaniin barattoota hojjechiisuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti barattoonni:

- barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- barruu dhiyaate tokko dubbisuun yaadaolee callaafi ijoo adda nibaasu;
- hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- jechoota sagalee irrabutaa qaban nibarreessu;
- himoota keessatti gochimoota adda nibaasu.
- seera hibboo eeganii nihibbifatu
- tapha hibbootti nigammadu.

**Qabiyyeewwan (**Wayitii 10**)**

1. Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu (Wayitii 2)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (wayitii 2)
5. Seerluga (Wayitii 2)
6. Afoola (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- barruu dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa yaadota callaafi ijoo dubbisichaa adda nibaasu;
- waan dhaggeeffatan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1: Gaaffilee Dhaggeeffachuun Duraa**

- barattoonni qabiyyee barachuuf jiran muuxannoo duraan qaban wajjin akka walqabsiisaniifi qabiyyee dhaggeeffatamu tilmaamuun qalbii isaanii gara barnootichaatti akka deebisan haala mijeessuu;
- barattoonni gaaffilee shaakala dhaggeeffachuun duraa jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuu;
- deebii barattoonni kennan hunda daangaa tokko malee irraa fuudhuu.

**Deebii Gilgaala 1**

Gilgaala kana jalatti barattoonni kallattii garagaraan deebisuu waan danda'aniif, deebiin murtaa'aan hinjiru.Kanaafuu,deebii isaanii hunda irraa fuuchuudhaan yaada isaanii gara barruu dhaggeeffachuutti deebisuun gaarii ta'a.

**Shaakala yeroo dhaggeeffachuu**

- shaakala kana jalatti barattoonni gaaffilee kitaaba barattootaa keessatti gilgaala 2 jala jiran akka barreeffatan taasisuu;
- mata dureen akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan **Bineeddaa** jedhu, gabatee boronqii irratti barreessuu;
- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffachaa bakka duwwaa gabatee isaaniif kennamee akka guutan gochuu;
- barreeffamicha si'a 2 yookaan 3 irra deebi'uun dubbisuu;

- deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan ofmadaalan erga gootee booda dareef akka dhiyeessan qajeelchuu;
- dhumarratti, sirriitti guutuu isaanii erga mirkaneeffattee booda duub deebii kennuufii.

**Bineeddaa**

Bineensi biyyoota biroo keessatti hinargamne bineeddaa jedhama.Biyyi keenya bineeddota akkasii hedduu qaba.Isaan keessaa jaldeessa cilaadaa, waaliyaa, gadamsaafi jeedala fardaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Bineeddonni kunneen naannoowwan, godinootaafi paarkiiwwan garagaraa keessatti argamu.Fakkeenyaaf, gadamsiifijeedalli fardaa naannoo Oromiyaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee keessatti bal'inaan argamu. Gadamsi gaarreen Arsii keessattis darbee darbee ni'argama.Waaliyaafi jaldeessi cilaadaa immoo, naannoo Amaaraa gaarreen Gondariifi Paarkiiwwan Biyyoolessaa Gaarreen Kaabaa kessatti argamu.

**Deebii Gilgaala 2**

| TL | Maqaa bineensaa | Bakka itti argamu | |
|---|---|---|---|
| | | Naannoo | Paarkii |
| 1 | Jeedala fardaa | Oromiyaa | Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee |
| 2 | Waaliyaa | Amaaraa | Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Kaabaa |
| 3 | Jaldeessa cilaadaa | Amaaraa | Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Kaabaa |
| 4 | Gadamsa | Oromiyaa | Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee Gaarreen Arsii |

**Gilgaala 3: Gaaffilee dhaggeeffachuun boodaa**

- barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an taasisuu;
- gaaffilee dhiyaatan akkuma ajaja isaatti hojjechiisuu;
- gilgaala 3 A dhuunfaan eega hojjetanii booda gareen akka waliif ilaalan qajeelchuu;
- gilgaala 3 B jalatti kennaman gareen mariyatanii dareef akka dhiyeessan taasisuu;
- dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuun duubdeebii kennuufii.

**Deebii Gilgaala 3 A**

1. Soba 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa

**Deebii gilgaala 3 B**

1. barattoonni dubbisa dhaggeeffatan irraa waan hubatan karaa garagaraan ibsuu danda'u.
2. faayidaa bineeddonni biyya keenyaaf qaban kallatti garaagaraan waan deebisaniif deebii murtaa'aa hinqabu.

**Barannoo 2: Dubbisuu (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ barruu dubbisuuf deeman nitilmaamu;
- ☞ odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa nibaasu;
- ☞ waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisuun duraa**

- qabiyyee barattoonni barachuuf deeman muuxannoo duraan qaban wajjin akka walqabsiisan haala mijeessuu;
- barattoonni gaaffilee shaakala dubbisa duraa irratti wanta isaaniitti fakkaatu sodaa malee akka ibsan jajjabeessuu;
- qalbii isaanii gara qabiyyee barnootaatti akka deebisan kakaasuu.

**Deebii gilgaala 4**

1. barattoonni bineensota gurguddoo beekan karaa adda addaan himuu danda'u.
2. maqaa bineensota fakkiirratti dhiyaatanii waan isaan sooratan wajjin walitti himu.

**Gilgaala 5: Gaaffilee yeroo dubbisuu**

- gaaffilee gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisicha saffisaan dubbisaa akka deebii kennan qajeelfama kennuufii;
- dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegalin gaaffilee yeroo dubbisan deebisan qalbiitti akka qabatan itti himuu;
- kana booda saffisaafi cal'isaan akka dubbisan qajeelchuu.
- gaafflee yeroo dubbisuu dhiyaatan guutanii eega xumuranii booda gareen akka irratti mari'atan taasisuu;
- dhumarratti duub deebii sirrii ta'e kennuufii.


**Deebii gilgaala 5**

| TL | Maqaa bineensotaa | Bakka jireenyaa | Soorata |
|---|---|---|---|
| 1 | Leenca | Dacheerra | Foon |
| 2 | Gafarsa | Dacheerra | Biqiloota |
| 3 | Arba | Dacheerra | Biqiloota |
| 4 | Jaldeessa | Dacheerra | Fooniifi biqiloota |
| 5 | Hardiidoo | Dacheerra | Biqiloota |
| 6 | Naacha | Lafarraafi bishaan keessa | Foon |

**Gilgaala 6: Gaaffilee dubbisuun boodaa**

- gilgaala 6 A jalatti maqaa bineensotaa roga "A" jala jiran fakkiiwwan bineensota roga "B" jala jiraniin akka walitti firoomsan qajeelchuu;
- dhuunfaan eega hojjetanii booda lama lamaan akka waliif ilaalan taasisuu;
- duub deebii sirrii kennuufii.

**Deebii gilgaala 6 A**




**Deebii Gilgaala 6 B**

1. leenca, qeerransa waraabessa, arba, gafarsa, booyyee, roobii, jaldeessa, weennii, kkf
2. lafarra, bishaan keessa, lafarraafi bishaan keessa
3. bakka sadiitti qoodamu. isaanis, soorattoo biqilootaa, soorattoo foonii, soorattoo fooniifi biqilootaa (soorlachee)
4. bineensonni dhuunfaan jiraatan kanneen akka qeerransa, bosonuu, kuruphee, kkf . bineensonni gurmuun jiraatan immoo kanneen akka jaldeessa, weennii, gafarsa, hardiidoo, kkf.
5. barattoonni haala qabatamaa naannoo isaaniirratti hundaa'anii deebisu.

**Deebii gilgaala 6 C**

1. D 2. B 3. Barattoonni hubannoo isaanii karaa garaagaraan ibsuu danda'u

## Barannoo 3: Fayyadama jechootaa (wayitii 1)

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- hiika jechootaa nihimu;
- jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti nifiroomsu

**Gahee barsisaa/tuu**

- barannoo kana jalatti barattoonni jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin akka walitti firoomsan qajeelchuu;
- gaaffilee gilgaala 7 jalatti kennaman barattoonni dhuunfaan eega hojjetanii booda lama lamaan akka waliif ilaalan taasisuu;
- dhumarratti duub deebii ifaa kennuun barbaachisaadha.

**Deebii gilgaala 7**

1. C 2. A 3. B 4.D 5. E

## Barannoo 4: Barreessuu(wayitii 2)

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- jechoota kennamaniif keessaa kanneen sagalee irrabutaa qaban adda baasanii barreessu;
- jechoota sagalee irrabutaa ofkeessaa qaban nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jecha keessatti dubbifamtoonni akaakuu adda addaa lama walitti aananii yoo dhufan sagalichi irrabutaa ta'uu isaa ibsuun fakkeenyota kennuu;
- gilgaala 8A jalatti jechoota sagalee adda addaa walmakamanii kennamaniif keessaa kanneen sagalee irrabutaa ofkeessaa qaban adda baasanii dhuunfaan akka barreessan qajeelchuu;
- gilgaala 8B jalatti immoo jechoota sagalee irrabutaa qaban shan shan dhuunfaan eega barreessanii booda gareedhaan akka dhiyeessan qajeelchuu.

**Deebii gilgaala 8A**

1. ma**rg**a
2. lee**nc**a
3. wa**ng**oo
4. ha**rd**iidoo
5. gafa**rs**a
6. ja**ld**eessa
7. a**rb**a
8. qeerra**ns**a

**Deebii gilgaala 8B**

Gilgaala kana jalatti barattoonni kallattii garagaraan waan barreessaniif deebii murtaa'aa hinqabu.Kanaafuu, sirriitti barreessuu isaanii ilaaluun Duub deebii kenniif.

## Barannoo 5: Caasluga (wayitii 2)

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- maalummaa gochimaa ni'ibsu;
- himoota keessatti gochimoota jala sararanii ni'agarsiisu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gochimni hima keessatti jecha gocha raawwatame tokko agarsiisu ta'uusaa ibsuun fakkeenyota kennuun shaakalsiisuu;
- gilgaala 9 jalatti himoota kennaman keessatti gochimoota jala sararuun akka agarsiisan qajeelchuu;

**Deebii gilgaala 9**

1. Biqilaan hoolaa <u>bite</u>.
2. Boontuun kaleessa <u>dhufte</u>.
3. Caaltuun bofa <u>ajjeeste</u>.
4. Adurreen hantuuta <u>nyaatte</u>.
5. Hoolaan bishaan <u>dhugde</u>.
6. Boontuun kitaaba <u>dubbiste</u>.

7. Barattoonni kubbaa miilaa taphatan.

**Barannoo 6: Afoola(wayitii 1)**

## Hibboo

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ hiibboo walgaafatu;
- ☞ deebii hiibboowwanii nikennu.

- ♦ hibboon afoola keessaa tokko akka ta'e ibsuu;
- ♦ seera hibboon itti gaggeeffamu ifa taasisuu;
- ♦ gilgaala 10A jalatti barattootni lama lamaan hibbo akka walgaafachuu shaakalan qajeelchuu;
- ♦ gilgaala 10B jalattimmoo hiibboowwan gaafatamaniif deebii sirrii filatanii akka deebisan taasisuu.
- ♦ gilgaala 10C jalatti barattoonni hiibboowwan jalqabaman jecha yookaan gaalee sirriin akka xumuran qajeelchuu;
- ♦ bakka barbaachisutti hordoffiifi deeggarsa kennuu.

**Deebii gilgaala 10 B**

1. C 2. B 3.A 4.A

**Deebii gilgaala 10C**

1. waliin geessi.
2. maaf huqqatta
3. eessa deemta
4. akka leencaa
5. mana ilaala

# Boqonnaa 4: Dhukkuboota Daddarboo

**Seensa** **(Wayitii 9)**

Boqonnaa kana keessatti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu shaakalsiisuuf barruun **Dhibee sombaa** jedhu bifa waliindubbiitiin dhiyaateera.Dandeettiidubbisuu shaakalsiisuuf immoo barruun **Dhibee koronaa** jedhu bifa waliin dubbiitiin dhiyaatee jira. Barruuwwan dhaggeeffachuufi dubbisuuf dhiyaatan keessatti gilgaalonni adda addaa kan qophaa'an yemmuu ta'u, dabalataanis barannoowwan barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi afoolaa jalatti gilgaalonni adda addaa dhiyaatanii jiru.

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:**

- barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- barruu dhiyaate tokko dubbisuun yaada ijoo nihimu;
- hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- yaadannoo dhuunfaa guyyuu nibarreessu;
- himoota keessatti gochibsoota adda nibaasu.
- hiika jechamootaa ni'ibsu;

**Qabiyyeewwan (Wayitii 9)**

1) Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (Wayitii 2)
2) Dubbisuu (Wayitii 2)
3) Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)
4) Barreessuu (Wayitii 1)
5) Seerluga (Wayitii 2)
6) Afoola (wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu(wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- barruu dhaggeeffatamu nitilmaamu
- barruu dhaggeeffachaa gaafilee ni deebsu
- dhaggeeffachuun yaada callaafi dimshaashaa addaan baasuun ni ibsu

**Gahee Barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1: Gaaffilee dhaggeeffachuunduraa**

- barattoonni waa'ee dhukkuboota daddarboo waan beekan akka himan taasisuu;
- deebii isaan kennan hunda osoo hindaangessin irraa fuuchuu.
- waan dhaggeeffachuuf deeman akka tilmaaman gochuun sammuu isaanii kakaasuu;

**Deebii Gilgaala 1**

Deebiin gaaffilee gilgaala kanaa akka ijoolleen yaada maddisiisan gargaara.Kanaaf, waan barattootni dhiheessan hundumaa osoo hin hindaangessin fudhachuun barbaachisaadha.

**Gilgaala 2: Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu**

- waliin dubbii barattoota lama gidduutti gaggeeffamu barattoota daree biroo yookaan tooftaa waraabbii fayyadamuudhaan dursanii qophii taasisuu;
- gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu hojjechaa waliin dubbicha akka dhaggeeffatan itti himuu;
- waliin dubbichasuutaafi sagalee olkaasuun akka dubbifamuuf taasisuu;
- irra deddeebi'uun dubbisuun akka dhaggeeffatan taasisuu.
- barattootaaf duubdeebii kennuu.

**Dhukkuba Sombaa**

Taliileefi Jifaaraan barattoota kutaa saddeetiiti.Waa'ee dhukkuba sombaawaliin dubbii geggeessu.

Taliilee: Nagaa bultee Jifaara?

Jifaaraa: Ani nagaadha, atihoo?

Taliilee: Nagaa kooti. Waa'ee dhukkuba sombaa waa natti himuu dandeessaa?

Jifaaraa: Eeyyeen, maal rakkoo qaba!

Taliilee: Dhukkubni sombaa akkamiin nama qaba?

Jifaaraa: Dhukkubni kun baakteeriyaadhaan nama qaba.

Taliilee: Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

Jifaaraa: Qufaa yeroo dheeraa turu; kan dhiiga tufsiisu, kan ulfaatina hir'isu,dadhabbii cimaafi kkf.

Taliilee: Akkamiin akka daddarbu natti himtaa?

Jifaaraa: Namni dhukkuba sombaatiin qabameyeroo qufa'u baakteeriyaan kun qilleensarraan nama fayyaatti darbuu danda'a.

Taliilee: Galatoomi Jifaara, har'aaf haaga'u.

Jifaaraa: Atis galatoomi Taliile. Oolmaa gaarii!

**Deebii Gilgaala 2**

1. soba
2. dhugaa
3. soba

**Gilgaala 3: Gaaffilee dhaggeeffachuun booda**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- waliin dubbiidhaggeeffatanirraa waan hubatan muuxannoo duraanii wajjin walitti fiduun akka yaada kennan taasiisuu;
- lama lamaan akka hojjetan haala mijeessuu;
- bakka barbaachisuutti barattootaaf deeggrsa kennuu;
- waan dhaggeeffatan keessaawaan hubatan dareef akka qoodan jajjabeessuu;
- deebii barattootaa madaaluun duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 3**

Gilgaala kana jalatti barattoonni gaaffilee dhiyaatan irratti lama lama ta'anii akka hojjetan taasisuun barbaachisaadha. Deebii murtaa'aa hinqabu.

## Barannoo 2: Dubbisuu(wayitii 2)

- barruu dubbisuuf deeman nitilmaamu;
- odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa nibaasu;
- waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisuun duraa**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- mataduree dubbisichaa barattoota beeksisuu;
- beekumsa barattoonni duraan qaban irratti bu'uureffachuunakka yaada maddisiisan haala mijeessuu;
- dandeettii dubbisanii waa hubachuu barattootaa sakatta'uu;
- dandeettii waliin dubbii barattootaa gabbisuuf haala mijeessuu;
- duubdeebii waliin dubbii barattootaa irratti kennuu.

**Deebii gilgaala 4**

gaaffiin gilgaala kanaa waan beekan akka dubbatanwaan affeeruuf, akka barattootni dubbataniif haala mijeesuun barbaachisaa dha.

deebii tokko qofa waan hin qabneef, yaada barattootni dhiyeessan sassaabbachuun yaada guduunfaa kennuufiin gahee barsiistotaati.

**Gilgaala 5: Gaaffilee yeroo dubbisuu**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- qajeelfama ifaafi barattoota hojjechiisuu danda'u kennuu;
- callisaafi saffisaan akka dubbisan qajeelchuu;
- xumura irratti duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 5**

1. hargansuu
2. tuttuqaa
3. Saamuunaa

**Gilgaala 6: Gaaffilee Dubbisuun Boodaa**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattootni qajeelfama kennameef sirriitti hubachuu isaanii hordofuu;
- gaaffii deebisan walitti argisiisuun akka waliif sororsan taasisuu;
- deebii gabatee boronqii irratti barreessuufiin akka yaada itti kennan afeeri.

**Deebii Gilgaala 6A**

1. soba
2. dhugaa
3. dhugaa
4. soba

**Deebiin gilgaala 6B**

Barattoonni karaa garaagaraan waan deebisuu danda'aniif, deebii murtaa'aa hinqabu.

**Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa(wayitii 1)**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- jechoota hiika wal fakkaataa qaban walitti firoomsu;
- jechoota waliin deeman nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gilgaala 7A jechoota roga "A" jalatti kennaman hiika fakkaattii isaanii roga "B" jala jiraniin akka walitti firoomsanqajeelchuu;
- gilgaala 7B jalatti ammoo jechoota kennaman waliin jechoota deemuu danda'an dubbisa keessaa barbaaduun akka barreessan taasisuu;
- barattootni dhuunfaan eega hojjetanii booda, gareen akka waliif sirreessanqajeelchuu;
- hojii barattootaa hordofuufi madaaluu;
- duubddeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 7A**

1. E 2. A 3.B 4.D 5.C

**Deebii gilgaala 7B**

1. bowwaafachuu

2. dhiqachuu
3. kaawwachuu
4. gubuu
5. gogaa

**Barannoo 4: Barreessuu(wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- keeyyata kennameef keessaa yaadannoo niqabatu;
- yaadannoo barreessan hiriyoota dareef nidubbisu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- keeyyata gabaabduu qopheessuun yaadannoo qabachuu shaakalsiisuu;
- keeyyata dhiyaate dubbisiisuun qabxiilee kennaman irratti akka yaadannoo qabatan taasisuu;
- hojii barattootaa to'achuufi, deeggarsa kennuu,
- yaadannoo qabatan akka waliif dubbisan taasisuu,
- duub deebii kennuu.

**Deebii gilgaala 8**

Gilgaalli 8A keeyyata gabaabaa ijoolleef dhiyaate yaadannoo akka qabatan taasisuu.

Gilgaala 8B jalatti ammoo barattoonni qabxiilee kennaman irratti hundaa'uun yaadannoo barreessan waliif dubbisu.

**Barannoo 5: Caasluga (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- himoota keessaa gochibsoota addaan nibaasu;
- akaakuuwwan gochibsootaa adda nihimu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- waa'ee gochibsootaa ibsa gabaabaa kennuu;
- fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun gilgaalota akka hojjetan taasisuu;
- duubdeebii kennuu.
- yaadannoo barattootaaf kennuu.

**Yaadannoo**

Gochibsi jecha gochima dura galuun akkaataa, bakka, yeroo, walumaagalatti haala gochi sun itti raawwate ibsudha.

**Fakkeenya:**

1. Caaltuun dheengadda galte.
2. Boonaan kokkolfaa dubbata.
3. Bultuun Jimmatti dhalatte.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman gochibsoota. Hima 1ffaa keessatti jechi "dheengadda" jedhu yeroo Caaltuun itti galte agarsiisa.Hima 2ffaa keessattimmoo jechi "kokkolfaa" jedhu akkaataa itti dubbatu yemmuu ibsu, hima 3ffaa keessattiis jechi "Jimmatti" jedhu bakka itti dhalatte addeessa.

**Deebii gilgaala 9**

1. Biliseen kokkolfaa dubbatti.
2. Gammachuun ganamaan dhufe.
3. Bashaatuun haguuggattee rafti.
4. Inni suuta barreessa.
5. Fardi colleen ariitiidhaan fiiga.
6. Fiixaan barsiisaa dhaggeeffachaa barreessa.

**Barannoo 6: Afoola (wayitii 1)**

**Jechama**

Barannoo kana keessatti barattoonni:

- Jechamootaafi hiika isaanii walitti nifiroomsu;
- Hiika jechamoota kennamanii ni barreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- hiika jechmootaa fakkeenya gahaa wajjin dhiheessuu;
- gilgaala dabalataa akka barattootni jechamoota shaakalan gargaaran qopheessuu;
- duub deebii barattootaaf kennuu.

**Deebii gilgaala 10A**

1. B 2.F 3 .D 4.C 5.A 6.E

**Deebii gilgaala 10B:**

1. Nafa salphatti/ hin mul'attu
2. Carraa argatte/ bultii ijaarratte
3. Gargaare/ tumse
4. Na gammachiifte
5. Naasise
6. Nigaabbe/ nihaare

# BOQONNAA 5: SHEEKKOO

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni yaada bu'uuraa **"Sheekkoo"** jedhujalatti sheekkoowwan **Leencaafi Re'e** jedhuufi **Sangoota Sadaniifi Waraabessa** jedhu walduraa duubaan dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbisuu shaakalsiisuuf dhiyaatanii jiru. Mata dureewwan kanneen jalatti gilgaalonni adda addaafi dandeettiiwwan kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, seerlugaafi afoolaa gabbisuuf dhiyaatanii jiru. Barsiisonni qophii gahaa taasisuun haaluma qajeelfama tokko tokkoon gilgaalotaa hojjechiisuuf kennameen barattoota hojjechiisuu qabu.

**Bu'aalee barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti barattoonni:

- barruudhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- barruudhiyaate tokko dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- seenaa jireenyaa isaanii nibarreessu;
- akaakuuwwan gaalee adda nibaasu;
- ergaa durduriiwwanii ni'ibsu.

**Qabiyyeewwan (**Wayitii 10**)**

1. Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu (Wayitii 2)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (wayitii 2)
5. Seerluga (Wayitii 2)
6. Afoola (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ barruu dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- ☞ dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa yaadota callaafi ijoo dubbisichaa adda nibaasu;
- ☞ waan dhaggeeffatan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1: Gaaffilee Dhaggeeffachuun Duraa**

- shaakala dhaggeeffachuun duraatiin qabiyyee barattoonni barachuuf jiran muuxannoo isaanii wajjin akka walqabsiisan taasisuu;
- waa'ee maalii dhaggeeffachuuf akka deeman tilmaamsisuun qalbii isaanii gara barannichaatti deebisuu;
- barattoonni gaaffilee shaakala dhaggeeffachuun duraa jalatti kennaman irratti yaada isaanii sodaa tokko malee akka ibsan jajjabeessuu;

**Deebii gilgaala 1**

Gilgaala kana jalatti barattoonni kallattii garagaraan deebisuu waan danda'aniif, deebiin murtaa'aan hinjiru.Kanaafuu, deebii isaanii hunda irraa fuuchuudhaan yaada isaanii gara barruu dhaggeeffachuutti akka deebisan taasisi.

**Gilgaala 2: Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu**

- shaakala kana jalaatti barattoonni gaaffilee kitaaba barataa keessatti gilgaala 2 jala jiran akka barreeffatan taasisuu;
- mata dureen akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan "***Leencaafi Re'ee***" jedhu, gabatee boronqiirratti barreessuu;
- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffachaa bakka duwwaa akka guutan qajeelchuu;
- barreeffamicha si'a 2 yookaan 3 irra deebi'iuun dubbisuufii;
- dhumarratti deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan of madaalan gochuun dareef  akka dhiyeessan qajeelchuu.

## Leencaafi Re'ee

Bara durii leencaafi re'een waliin duuluuf mariyatan.Re'eenis leencicha shakkitee, "Akkamittan siwajjin duula?" jetteen.Leencis deebisee, "Ani si hin nyaadhu," jedhee kakateef.Kakuun kunis, "Yoon sinyaadhe, dhalakoof haata'u," jechuun erga kakatee booda waliin deeman.Itti fufanii osuma deemanii, re'een gammoojjii keessa baala nyaachaa deemti.Leenci garuu, waan nyaatu tokkollee hinqabu ture.Osuma deemaa jiranii laga guddaa tokko bira ga'an.Laga kanas, re'een salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu, anni isaa ittiin utaalee ce'u waan dhabeef, dadhabe. Lagarra naanna'aa oolee, "Re'ee kana nyaachuun

qaba," jedhee yaade. Kana booda, re'ee waamee, "Yoon kakuu sana diige maalan ta'aa?" jedhee gaafate. Re'eenis deebistee, "Lakkii Obbo Guddaa dhala keef hintolu," jetteen. Innis deebisee, "Dhala koof jedheen amma du'uu qabaa?" jedhee laga gamatti utaalee ishee nyaachuuf yoo jedhu, bishaan keessatti kufee du'e.

**Deebii gilgaala 2**

Itti fufanii osuma deemanii re'een **gammoojjii** keessa **baala** funaannachaa deemti.Leenci garuu waan **nyaatu** tokkollee hinqabu ture.Osuma deemaa jiranii **laga** guddaa tokko biraa ga'an.Laga kanas, **re'een** salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu, anniisaa ittiin **utaalee** ce'u waan dhabeef dadhabe.

**Gilgaala 3: Gaaffilee dhaggeeffachuun boodaa**

- barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an taasisuu;
- gaaffilee dhiyaatan akkuma ajaja isaattii hojjechiisuu;
- gilgaala 3 dhuunfaan eega hojjetanii booda gareen akka waliif ilaalan qajeelchuu;
- dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuun duub deebii kennuufii.

**Deebii gilgaala 3**

1. Waliin duuluuf
2. "Yoon sinyaadhe, dhalakoof haata'u," jedhe.
3. Beela'uurraa kan ka'e anniisaa ittiin utaalee ce'u waan dhabef
4. Leenca.
5. Barattoonni waan hubatan waliif qoodu.
6. Sheekkoo dhaggeeffatan irra deebi'anii walitti himu.

**Barannoo 2: Dubbisuu(wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- barruu dubbisuuf deeman nitilmaamu;
- odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa adda nibaasu;
- waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisuun duraa**

- kaayyoon shaakala dubbisa duraa wanta barattoonni barachuuf deeman wanta duraan beekan wajjin walqabsiisuu waan ta'eef, kanatu sirriidha yookaan kanatu sirrii miti osoo hinjedhin wanta isaaniitti fakkaatu sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu;
- sammuu isaanii gara mata dureetti deebisuun barnootaaf kakaasuu.

**Deebii gilgaala 4**

1. sheekkoo waa'ee sangoota sadaniifi waraabessaa waan beekan himu.
2. fakkiirraa waan hubatan ibsu.

**Gilgaala 5: Gaaffilee yeroo dubbisuu**

- gaaffilee gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisicha saffisaan dubbisaa akka deebii kennan qajeelfama kennuufii;
- dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegalin gaaffilee yeroo dubbisan deebisan qalbiitti akka qabatan itti himuu;
- kana booda saffisaafi cal'isaan akka dubbisan qajeelchuu;
- gaaffilee yeroo dubbisuu dhiyaatan deebisaanii eega xumuranii booda gareen akka irratti mariyatan taasisuu;
- duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 5**

1. sangoota sadii
2. diimaa, adiifi gurraacha
3. sangaa adii

**Gilgaala 6: Gaaffilee dubbisuun boodaa**

- Gilgaala kana jalatti barattoonni dubbisa dubbisaniifi muuxannoo horatan irratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan dhuunfaafi gareen akka deebisan qajeechi.

**Deebii gilgaala 6**

1. Waliigalteefi jaalalaan jiraachaa turan.
2. Gargar isaan baasee, qofaa qofaatti.
3. Tokkummaafi waliigalteen jiraachuun murteessaa ta'uusaa

**Barannoo 3: Fayyadama jechootaa(wayitii 1)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- jechoota hiika galmsaa dubbisa keessatti qabaniin walitti nifiroomsu;
- jechoota kennamaniin hima ni'ijaaru.

**Gahee barsisaa/tuu**

- jechoota hiika galumsaa isaaniitiin akka walitti firoomsan taasisuu;
- jechoota kennamniinis hima akka ijaaran qajeelchuu;
- gaaffilee gilgaala 7A fi 7B jalatti kennaman barattoonni dhuunfaan eega hojjetanii booda lama lamaan akka waliif ilaalan taasisuu;
- bakka barbaachisetti deggarsa kennuu;
- dhumarratti duub deebii ifaa kennuu.

**Deebii gilgaala 7A**

1. C 2.D 3.A 4.B 5 E

**Deebii gilgaala 7B**

Barattoonni jechoota kennamniin himoota garaagaraa ijaaruu waan danda'aniif, gilgaala kanaaf deebii murtaa'aa kennuun rakkisaadha.

**Barannoo 4: Barreessuu (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- Qabxiilee kennaman fayyadamanii seenaa jireenyaa isaanii nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- seenaa jireenyaa ofii barreessuun barattootaaf dubbisuun fakkeenya kennuu;
- yaada ka'msaa kennuufiin seenaa jireenyaa isaanii akka barreessan qajeelchuu;
- seenaa jireenyaa isaanii barreessan daree keessatti akka dubbisan jajjabeessuu;
- hordoffiifi deeggarsa kennuu;
- hojii isaaniif duub deebii qajeelaa kennuu.

**Deebii gilgaala 8**

Barattoonni seenaa jireenyaa isaanii karaa garaagaraan waan barreessaniif deebii murtaa'aa kennuun hindanda'amu.

**Barannoo 5: Caasluga (wayitii 2)**

**Gaaleefi akaakuu gaalee**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- Himoota keessatti akaakuuwwan gaalee jala muramanii nihimu;

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maalummaafi akaakuuwwan gaalee ibsa gabaabaa kennuu;
- akaakuuwwan gaalee akka adda baafataniif fakkeenyota adda addaa kennuu;
- gaaffilee gilgaala 9 jalatti kennaman dhuunfaan hojjetanii gareen akka walitti agarsiisan taasisuu;
- bakka barbaachisetti deeggarsa kennuu;
- duub deebii sirrii kennuu.

**Deebii gilgaala 9**

1. gaalee maqaa
2. gaalee dur-duubee
3. gaalee gochimaa
4. gaalee maqibsaa

**Barannoo 6: Afoola (wayitii 1)**

**Durdurii**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- durdurii dubbisanii ergaa isaa nihimu;
- gaaffilee hubannoo nideebisu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- durdurii dhiyaate callisanii akka dubbisan qajeelchuu;
- gaaffilee dhiyaatan dhuunfaan hojjetanni gareedhaan akka waliif ilaalan qajeelchuu;
- deeggarsa barbaachisu taasisuu;
- duub deebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 10**

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3.Soba 4.Soba 5.Dhugaa

# BOQANNAA 6: TURIIZIMII

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni yaada bu'uuraa **Turiizimii** jedhujalatti barruu mata dureen isaa **Hara Wancii** jedhudhaggeeffachuufi dubbisa **Masaraa Abbaa Jifaar** jedhu ammoo dubbisuuf walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.Mata dureewwan kanneen jalatti shaakalawwan adda addaafi dandeettiiwwan kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, seerlugaafi afoolaa gabbisuuf gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru.Barsiisonnis qophii gahaa taasisuun haaluma qajeelfama tokko tokkoon gilgaalotaa hojjechiisuuf kennameen barattoota hojjechiisuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti**:

- barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- hiika fakkaattiifi faallaa jechootaa akkaataa galumsarraa nitilmaamu;
- himoota kennaman walitti hidhuun keeyyata nibarreessu;
- dhamjechoota niqoqqoodu.;
- ogwalaloo dubbisuun ergaa isaa ni'ibsu;

**Qabiyyeewwan(Wayitii 10)**

1. Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (Wayitii 2)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (Wayitii 2)
4. Barreessuu ( Wayitii 1)
5. Seerluga (Wayitii 1)
6. Ogbarruu (Wayitii 2)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu(wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ dubbisa dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- ☞ dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa yaada ijoofi callaa adda nibaasu;
- ☞ yaada bu'uuraa dubbisa dhaggeeffatan irraa argatan ni'ibsu.

**Gilgaala 1: Gaaffilee Dhaggeeffachuu Duraa**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- waa'ee turiizimii waan beekan akka dubbatan jajjabeessuu;
- bakkeewwan hawwata turiizimii beekan akka walitti himan taasisuu;
- deebiin gaaffilee gilgaala dhaggeeffachuun duraa garaagara waan ta'uu maluuf, osoo hindaangessin irraa fuuchuu

**Gilgaala 2: GaaffileeYeroo Dhaggeeffachuu**

- shaakala kana jalatti barattoonni gaaffilee gilgaala 2 jala jiran akka barreeffatan taasisuu;
- mata duree akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan "hara wancii" jedhu, gabateerratti barreessuu;
- barreeffama dubbisaaf qophaa'e jalqaba saffisaan dubbisuu; barattoonni callisaan akka dhaggeeffatan taasisuu;
- yeroo lammaffaa suuta dubbisuu; barattoonnis akka dhaggeeffachaa deebisan qajeelchuu;
- dhumarratti, waan deebisan sana mirkaneeffachuuf akka dhaggeeffatan qajeelchuu;
- duub deebii ifaa kennuu.

## Hara Wancii

Harri Wancii naannoo Oromiyaa godina Shawaa Kibba Lixaa aanaa Wancii keessatti argama. Finfinnee irraa fageenya 152km, magaalaa godinaa (Walisoo) irraa 38km, magaalaa aanaa irraa immoo 27km fagaatti. Harri kun bakka baay'ee miidhagduufi hawwata tuurizimiif mijooftuudha. Kana irraas kan ka'e Wanciin Itoophiyaa keessaa "ganda tuurizimii filatamtuu addunyaa kan bara 2021" ta'uun dhaabbanni tuurizimii addunyaa beekkamtii kenneeraaf. Dhaabbatichi yaa'ii Ispeen magaalaa Maadiriiditti gaggeesseen gandoota tuurizimii 174 biyyoota 75 irraa kaadhimaman keessaa gandoota 44 ta'aniif beekamtii kenneera. Gandoota tuurizimii akka addunyaatti beekamtiin kennameef keessaa tokko ganda Hara Wanciiti. Afrikaa keessaa Wancii dabalatee gandoonni sadii kan filataman yoo ta'u, gandoonni kaan Keeniyaafi Ruwaandaa keessatti argamu. Walumaagalatti, Wanci hawwata tuurizimii teessuma lafaa ajaa'ibaa qabdu, sochiiwwan akka tulluu koruu, bishkileetii oofuufi kaaniif mijataa ta'e akkasumas bareedina qalbii namaa hawwatu qabdudha.

**Deebii gilgaala 2**

1. Soba 2.soba 3dhugaa 4 .dhugaa 5.dhugaa

**Gilgaala 3: Gaaffilee Dhaggeeffachuu Boodaa**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- hubannoo barattootaa gaaffilee dhiyaatan gaafachuun sakkatta'uu,
- deebii barattootaa madaaluun sirreessuu;
- hojii barattootaa hordofuu,qajeelchuu;
- sirreeffama waliin kennuu;

**Deebii gilgaala 3 A**

1. C 2. D 3.A 4.B 5.C

**Deebii gilgaala 3 B**

- kaayyoon gilgaala kanaa inni guddaan dandeettii dubbachuu gabbisuudha. kanaafuu, barattoonni hunduu akka dubbatan haala mijeessuun dhumarratti duub deebii ifaafi qajeelaa ta'e kennuun gahee barsiistotaati.
- gaaffii 1ffaa jalatti barattoonni hubannoo dubbisicharraa horatan dareef akka ibsan qajeelchuudha.
- gaaffii 2ffaa ilaalchisee immoo barattoonni bakkeewwan bebbeekamoo hawwata turiizimii biyya keenya keessatti argaman keessaa waan beekan akka dubbatan jajjabeessuudha.

**Barannoo 2: Dubbisuu(wayitii 2)**

- ☞ barruu dubbisuuf deeman nitilmaamu;
- ☞ barruu dubbisaa odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa adda nibaasu;
- ☞ waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisuun duraa**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gaaffilee dubbisuun duraa hojjechiisuu;

- mata-duree dubbisichaa ilaalanii cimdii cimdiin gaaffilee kennaman akka hojjetan qajeelchuu;
- yaada isaanii daree keessatti akka dubbatan taasisuu;
- dubbisa itti aanee dhiyaatuuf barattoota sissi'eessuu;
- daree barnootaa dubbisaaf hawwataa gochuu.

**Deebii Gilgaala 4**

Gilgaala kana jalatti barattoonniwaa'ee masaraawwan bebbeekamoo naannoo isaaniifi waa'ee Masaraa Abbaa Jifaar waan beekan akka dubbatan haala mijeesisiif.Yaada barattootni dhiyeessan kamiyyuu harkaa fudhachuun jajjabeessuu malee qeequufi yaada isaanii daangessuun hin barbaachisu.

**Gilgaala 5: GaaffileeYeroo Dubbisuu**

**Gahee barsiisaa/tuu**

Gaaffileen shaakalaa yeroo dubbisaa jalatti dhiyaatan yaada murtaa'aa dubbisichaa barattoonni akka hubatan kan taasisuudha.

- dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegalin gaaffilee yeroo dubbisaa akka qalbiitti qabatan itti himuu.
- kana booda, saffisaafi cal'isaan akka dubbisaniifi gaaffilee kennaman sanas hojjechaa akka deeman qajeelchuu;
- barattoonni deebii isaanii lama lamaan akka walitti agarsiisan taasisuun gara dhumaatti deebii waliigalaa itti kennuu

**Deebii galgaala 5**

1. 7km
2. 1880
3. Hindii
4. Killeefi xuubii walitti qabaa ture.
5. Warqii 400kg fi maallaqa maartireezaa 65,000

**Gilgaala 6: GaaffileeDubbisuun Boodaa**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gaaffilee yaada dubbisichaa bu'uureffachuun kennaman dhuunfaa dhuunfaan akka hojjetan hubachiisuu,

- deebii dhuunfaan kennan kan hiriyyaa isaanii wajjin walbira qabanii akka ilaalan gochuu,
- deebii barattootaa madaaluun sirreeffama kennuu.

**Deebii gilgaala 6 A**

1. Dhugaa 2 soba 3soba 4 dhugaa 5dhugaa

**Deebii gilgaala 6 B**

1. A
2. C
3. Ijaarsa masarichaa ilaalchisee waan dinqisiifatan ibsu.
4. Masaraawwan mootummoota Itoophiyaa beekan ibsu.

**Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti nifiroomsu;
☞ jechoota hiika faallaa isaaniitiin walitti nifiroomsu.
☞ hiika galumsaa jechoonni hima keessatti qaban nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jechoota hiika fakkaattiifi hiika faallaa isaaniitiin akka walitti firoomsan taasisuu;
- jechoota kennamniinis hima akka ijaaran qajeelchuu;
- gaaffilee gilgaala 7A , 7Bfi 7C jalatti kennaman barattoonni dhuunfaan eega hojjetanii booda lama lamaan akka waliif ilaalan taasisuu;
- bakka barbaachisetti deggarsa kennuu;
- dhumarratti duub deebii ifaa kennuun barbaachisaadha.

**Deebii gilgaala 7A**

1. Ilaaluu 2. bakka 3. dallaa 4fayyaduu 5kennuu 6.hanqaaquu

**Deebii Gilgaala 7B**

1. D 2. E 3.A 4.B 5. C

**Deebii gilgaala 7C**

1. Hojiin nama tokko tokkoo nama <u>guba</u>. (nama aarsa)
2. Abidda yoo tuqan nama<u>guba.</u> (abiddaan gubamuu)
3. Barattoonni daawwannaa <u>taasisaa</u> oolan. (gochaa/ raawwataa

4. Taasisaa fi Boontuun walii wajjin qu'atu. (maqaa namaa)
5. Xuubiin walitti qabame ijaarsa manaatiif oole. (fayyade/dhimma baase)
6. Caalaan waan dhukkubsateef mana barnootaarraa oole. (hafe)

## Barannoo 4: Barreessuu (wayitii 2)

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- himoota kennaman qindeessuun keeyyata tokko nibarreessu.
- mata-dureewwan kennamaniif keessaa filachuun keeyyata tokko nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gilgaala 8 A jalatti barattoonni himoota kennaman qindeessuun keeyyata tokko akka barreessan qajeelchuu;
- gilgaala 8 B jalatti ammoo mata-dureewwan kennamaniif keessaa tokko filatanii keeyyata tokko akka barreessan qajeelfama ifaa kennuu;
- yeroo barattoonni keeyyata barreessan hordofuufi deeggaruu;
- keeyyatabarreessan waliif dubbisuun akka wal-sirreessan itti himuu,
- duub-deebii ifaa kennuu.

**Deebii Gilgaala 8 A**

Gilgaala kana jalatti barattoonni himoota kennaman qindeessuun keeyyata tokko barreessu. Haala kanaa gadiitiin barreessuu danda'u.

Bakkeewwan Tuurizimiif oolan biyya tokkoof madda galiiti. Kanaafuu, biyyootni baay'een itti fayyadamu. Biyyoota kanneen keessaa tokko Itoophiyaadha. Bakkeewwan tuurizimii Itoophiyaan dhimma kanaaf itti fayyadamu hedduudha. Isaan keessaa, masarawwan, holqawwan, gaarreen, paarkiiwwaniifi harawwan akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Bakkeewwan kunneenis, naannoolee adda addaa keessatti argamu.

**Deebii gilgaala 8 B**

Gilgaala kana jalatti barattoonni matadureewwan kennamaniif keessaa tokko filachuun keeyyata tokko barreessu.

## Barannoo 5: Caasluga (wayitii 2)

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Jechoota kennaman dhamjechootatti niqoqqoodu;

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni jechoota kennaman dhamjechootatti akka qoqqoodan qajeelchuu;
- fakkeenyota kennuun shaakalsiisuu;
- dhamjechi caasaa afaanii isa xiqqaa kan birkiilee birootti hincaccabne akka ta'e ibsuufii;
- hordoffii, deeggarsaafi duub deebii qajeelaafi ifaa kennuu.

**Deebii gilgaala 9**

1. sangoota = sangaa+-oota
2. jabbiilee = jabbii + -lee
3. saroota = saree + -oota
4. gaaffilee = gaaffii + -lee
5. hoolota = hoolaa + -ota

## Barannoo 6: Afoola (wayitii 1)

## Ogwalaloo

**barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ walaloo dubbisuun waan hubatan ni'ibsu;

☞ walaloo dubbisan irratti hundaa'uun gaaffilee hubannoo nideebisu;

**Gahee barsiisaa/tuu**

- walaloo kenname dubbisanii ergaa isaa akka hubatan haala mijeessuu;
- walaloo dubbisan irratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan akka deebisan taasisuu;
- hordoffiifi deeggarsa barbaachisu hunda taasisuu;
- duub deebii ifaafi qajeelaa kennuu.

**Deebii gilgaala 10**

1. B 2C 3A 4D

# BOQONNAA 7: FALMII

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni yaada bu'uuraa**"Falmii"** jedhujalatti barruuwwan **Seera falmii** jedhuufi **Bu'aamoo miidhaa turiizimiitu caala?** jedhu walduraa duubaan dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbisuu shaakalsiisuufdhiyaatanii jiru. Mata dureewwan kanneen jalatti shaakalawwan adda addaafi dandeettiiwwan kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, seerlugaafi afoolaa gabbisuuf gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru.Barsiistonnis qophii gahaa taasisuun haaluma qajeelfama tokko tokkoon gilgaalotaa hojjechiisuuf kennameen barattoota hojjechiisuu qabu.

**Bu'aalee barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti barattoonni:

- barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaadota callaafi ijoo nihimu;
- yaadota kennamaniif irratti falmii nigaggeessu;
- jechoota waliin deeman walitti nifiroomsu;
- caasaalee himaa adda nibaasuu;
- himoota keessatti dur-duubee addaan ni baasu;
- faaruu loonii faarsuun itti nigammadu.

**Qabiyyeewwan (**Wayitii 10**)**

1. Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu (Wayitii 2)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (wayitii 2)
5. Seerluga (Wayitii 2)
6. Afoola (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- waan dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu nideebisu;
- waan dhaggeeffatan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1: Gaaffilee Dhaggeeffachuun Duraa**

- barattoonni qabiyyee barachuuf jiran muuxannoo isaanii wajjin akka walqabsiisaniifi waa'ee maalii dhaggeeffachuuf akka deeman tilmaamsisuu;
- sammuu isaanii gara barannichaatti deebisuun fedhii akka horatan gochuu;
- barattoonni gaaffilee shaakala dhaggeeffachuun duraa irratti yaada isaanii sodaa tokko malee akka ibsan jajjabeessuu;
- deebii barattoonni kennan hunda daangaa tokko malee harkaa fuudhuu;
- hordoffiifi deeggarsa barbaachisu hunda taasisuu.

**Deebii gilgaala 1**

Gilgaala kana jalatti barattoonni karaa garaagaraan deebisuu waan danda'aniif, deebiin murtaa'aan hinjiru.Kanaafuu, deebii isaanii hunda irraa fuuchuudhaan yaada isaanii gara barruu dhaggeeffachuutti akka deebisan taasisi.

**Gilgaala 2: Shaakala yeroo dhaggeeffachuu**

- shaakala kana jalaatti barattoonni gaaffilee kitaaba barattootaa keessatti gilgaala 2 jala jiran akka barreeffatan taasisuu;
- mata dureen akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan **Seera Falmii** jedhu, gabatee boronqiirratti barreessuu;
- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffachaa gaaffilee akka deebisan qajeelchuu;
- barreeffamicha si'a 2 yookaan 3 irra deebi'iuun dubbisuufii;
- deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan ofmadaalan gochuun dareef akka dhiyeessan qajeelchuu;
- dhumarratti, duub deebii sirrii ta'e kennuufii.

## Seera Falmii

Falmiin ilaalcha yookaan ejjennoo ofii qabnu namoonni biroo akka deeggaraniifi ejjennoo keenya wajjin walfakkaatuakka qabaatan taasisuuf geggeeffama. Kanaafuu, falmii adeemsisuuf dhimmi wal falmisiisu jiraachuu qaba. Moo'uuf ammoo, qabxiiwwan ciccimoo yaada keenya deeggaran sirriitti qindeessinee dhiheessuu qabna. Adeemsa isaatiif dura bu'aafi abbaa murtii filachuun barbaachisaadha. Dura bu'aan falmichaaf kan haala mijeessu

yoo ta'u, gaheen abbaan murtii ammoo, qabxii kennuudha. Yaadaan moo'achuuf hir'ina garee ykn nama ittiin falminuu ka'umsa taasifachuufi dhimma qabanne sana ragaadhaan deggeruun gaariidha.

### Deebii gilgaala 2

1. qabxiiwwanciccimoo yaada keenya deeggaran sirriitti qindeessinee dhiheessuu qabna.
2. falmiin adeemsifamuuf dhimmi wal falmisiisu jiraachuu qaba.
3. dura bu'aafi abbaa murtii
4. qabxii kennuudha.

### Gilgaala 3: Shaakala dhaggeeffachuun boodaa

- barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an taasisuu;
- gilgaala 3 jalatti barattoonni garee lamatti qoodamuun qabxiilee kennaman irratti falmii akka gaggeessan qajeeelfama ifa ta'e kennuufii;
- abbaa seeraa filachiisuun ragaa gareewwan lamaan dhimma falmii geggeessan irratti dhiyeeffatan bu'uura godhachuun loogii malee qabxii akka qabu qajeelchuu.
- gareen tokko yaada "daldaluurra barachuu wayya" jedhu gareen biroo immoo yaada "barachuurra daldaluu wayya" jedhu deeggaruun falmii akka gaggeessan taasisuu;
- gareewwan lamaanuu dabaree eeganii falmii gaggeessuun yaada isaanii eega xumuranii booda abbaan murtii garee mo'ate sababa wajjin akka beeksisu qajeelchuu;
- dhumarratti, sirriitti madaaluun duub deebii kennuu.

### Deebii gilgaala 3

Gilgaala kana jalatti barattoonni garee lamatti qoodamuudhaan seera falmii eeganii yaadota dhiyaatan irratti walfalmii waan gaggeessaniif, deebii murtaa'aa hinqabu. Seera falmii hordofanii falmii gaggeessuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuun barbaachisaadha.

**Barannoo 2: Dubbisuu(wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- falmii dhiyaate gahee fudhatanii nidubbisu;
- odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa dubbisa keessaa nibaasu;
- waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- falmicha callisaan dubbisaa gaaffilee gilgaala 4 jalatti kennaman akka deebisan taasisuu;
- barattoonni lama lamaan gahee boontuufi abdii fudhachuun akka dubbisan qajeelchuu;
- barattoota lama filachuudhaan boontuufi abdii bakka bu'uun daree fuulduratti bahanii sagaleessanii akka dubbisan taasisuu;
- waan isaanii hingalle akka gaafatan jajjabeessuu;
- bakka barbaachisaa ta'etti deeggaruu;
- duub deebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 4**

1. Abdiifi Boontuu
2. Abdii
3. Boontuu

**Deebii Gilgaala 5A**

1. Abdiidha.
2. Barattoonni yaada kamiin akka deeggaran sababa waliin ni ibsu.

**Deebii Gilgaala 5B**

Gilgaala kana jalatti barattoonni falmii dhiyaate irratti hundaa'uun gahee Boontuufi Abdii taphachuun falmii gaggeessu.

## Barannoo 3: Fayyadama jechootaa(wayitii 1)

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

☞ Jechoota waliin deeman walitti nifiroomsu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- Jechoota gilgaala 6 keessatti roga A fi B jalatti kennaman keessaa kanneen waliin deeman akka walitti firoomsan qajeelchuu;
- Bakka barbaachisutti deeggarsa taasisuu;
- Duub deebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 6**

1. C  2 E  3F  4A  5B  6D

## Barannoo 4: Barreessuu(wayitii 2)

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Jechoota kennamaniin himoota nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jechoota kennaman fayyadamanii himoota akka ijaaran qajeelchuu;
- fakkeenyota kennuu;
- barattoonni jechoota kennamaniin dhuunfaan hima eega ijaaranii booda lama lamaan akka waliif ilaalan taasisuu;
- duub deebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 7**

Gilgaala kana jalatti barattoonni karaa garaagaraan himoota barreessuu waan danda'aniif deebii murtaa'aa kennuun hindanda'amu.Haata'u malee himootni barreeffaman seera Afaan Oromoo eeganii brreeffamuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa ta'a.

**Barannoo 5: Caasluga(wayitii 2)**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- maalummaafi faayidaa durduubee ni'ibsu;
- himoota keessatti jechoota durduubee ta'an jala muranii agarsiisu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- durduubeen hima keessatti maqaa yookaan gaalee maqaa dura galuudhaan walitti hidhatiinsa maqaan sun gareewwan jechootaa biroo wajjin qabu kan agarsiisu akka ta'e ibsuu;
- fakkeenyoota adda addaa kennuu;
- himoota gilgaala 9 jalatti kennaman keessatti durduubeewwan jala sararuun akka agarsiisan qajeelchuu;
- duub deebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 8**

1. Kitaabichi sanduuqa keessa jira.
2. Tolaan abbaa isaa booda deema.
3. Caaltuun haadha ishee wajjin deemte.
4. Billaachi damee mukaa irraa kufte.
5. Galaaneen obboleessa ishee cinaa teessi.

## Barannoo 6: Afoola

## Faaruu loonii

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- faaruu loonii dhiyaate nidubbisu;
- faaruu loonii dubbisan irratti hundaa'uun gaaffilee nideebisu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- faaruun loonii afoola keessaa tokko akka ta'e ibsuu;
- walaloo faaruu loonii dhiyaate dubbisanii akka hubatan qajeelchuu;
- gilgaala 10 faaruu loonii dubbisan irratti hundaa'uun deebii sirrii filatanii akka deebisan taasisuu;
- duubdeebii ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 9**

1. B    2. B    3.C    4.B    5. A

# BOQONNAA 8: FAYYADAMA TEEKINOOLOOJII

**Seensa** **(Wayitii 10)**

Boqonnaa kana keessatti dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbisuu barattoootaa gabbisuuf mata dureewwan **Moobaayilii** jedhuufi **Caaltuufi Mobaayilii Ishee** jedhu walduraa duubaan dhiyaatanii jiru. Mata dureewwan kanneen jalatti shaakalawwan adda addaafi dandeettiiwwan biroo kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, seerlugaafi afoolaa gabbisuuf gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru.Barsiisonnis haaluma qajeelfama tokko tokkoon gilgaalotaa hojjechiisuuf kennameen barattoota hojjechiisuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii ergaa isaa adda nibaasu;
- dubbisa dubbisanii yaada callaafi ijoo adda nibaasu;
- hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- hiika fakkaattiifi hiika faallaa jechootaa nibarreessu;
- jechoota tishoo adda nibaafatu;
- keeyyata ibsaa nibarreessu;
- xalayaa hiriyaa nibarreessu;
- akaakuuwwan himaa ni'ibsu;
- caacculee durdurii/sheekkoo adda nibaasu.

**Qabiyyeewwan (**Wayitii 10**)**

1. Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu (wayitii 2)
2. Dubbisuu (wayitii 2)
3. Fayyadama Jechootaa (wayitii 2)
4. Barreessuu (wayitii 2)
5. Seerluga (wayitii 1)
6. Ogbarruu (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (wayitii 2)

Barannoo kanaa keessatti, barattootni:

- barruu dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffachaa yaada ijoofi callaa adda nibaasu;
- yaada bu'uuraa dubbisa dhaggeeffatan irraa argatan ni'ibsu.

**Gilgaala 1: GaaffileeDhaggeeffachuun dura**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisa dubbifamuuf osoo hindhaggeeffatin dura gaaffii kennamerratti akka yaada waljijjiiran taasisuu;
- kaayyoon isaa muuxannoo barattootaafi barruu dhaggeeffachuuf deeman walqabsiisuu waan ta'eef, barattoonni hunduu dhimma mobaayiliirratti waan beekan akka himan jajjabeessuu;
- deeggarsaafi hordoffii barbaachisu hunda gochuu;
- barattoota onnachiisuun gara shaakala yeroo dubbisuutti qajeelchuu.

**Deebii Gilgaala 1**

Barattoonni hubannoofi beekumsa duraan qaban irraa ka'anii deebii deebisuu danda'u. Kanaaf, yeroo barattootnideebisan yaada barattootaa daangessuu hin barbaachisu.

**Gilgaala 2: Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- barattoonni gaaffilee kitaaba barattootaa keessatti gilgaala 2 jala jiran akka barreeffatan taasisuu;
- mataduree dhaggeeffachuuf qophaa'e barattootaaf gabatee boronqii irratti barreessuu;
- barreeffamicha jalqaba saffisaan dubbisuu; barattoonni callisaan akka dhaggeeffatan taasisuu;
- yeroo lammaffaa suuta dubbisuu; barattoonnis dhaggeeffachaa akka gilgaala kennameef guutan qajeelchuu;
- dhumarratti, waan guutan mirkaneeffachuuf akka dhaggeeffatan qajeelchuu;

## Moobaayilii

Moobaayiliin meeshaalee teekinooloojii keessaa isa tokkoofi baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, ofeeggannoodhaan yoo itti hinfayyadamne bu'aa isaarra miidhaa isaatu caala. Fakkeenyaaf, moobaayila irratti yeroo dheeraaf irra deddeebiin miidiyaalee hawaasaa kanneen akka Feesbuukii, Yuutuubiifi kannneen biroo kan fayyadamnu yoo ta'e, araadatu nu qabuu danda'a. Araanni kun ammoo, miidha akka yaadaan baduu, daree barnootaa irraa hafuu, sammuun adooduu, dhiphina sammuu, rakkoolee currisaafi hawaasummaaf nama saaxiluu danda'a. Kanaafuu, moobaayiliitti seeraan fayyadamuudhaan miidhaa inni fiduu danda'u irraa ofeeguun baay'ee barbaachisaadha.

**Deebii gilgaala 2**

1. meeshaalee teekinooloojii/ barbaachisaa
2. miidhaa
3. yaadaan baduu, daree barnootaarraa ooluu, sammuun adooduu, rakkoo dhiphina sammuu

**Gilgaala 3: GaaffileeDhaggeeffachuun Booda**
**Gahee Barsiisaa/tuu**:

- barattootni gaaaffilee dhiyaatan dhuunfaan akka hojjetan qajeelchuu;
- hiriyyoota isaanii waliin deebii isaanii irratti akka mariyatan taasisuu;
- barattoonni deebii irratti waliif galan dareedhaaf akka dhiyeessanjajjabeessuu;
- deebii sirrii gabateerratti barattootaaf barreessuun akka sirreeffatan taasisuu.

**Deebii gilgaala 3 A**

1. yeroo dheeraaf irra deddeebiin miidiyaalee hawaasaa kanneen akka feesbuukiifi yuutuubii kan fayyadamnu yoo ta'e, araadaan qabamna.
2. feesbookii, yuutuubii
3. ofeegganoodhaan fayyadamuu

**Deebii gilgaala 3 B**

Barattoonni yaadota kennaman irratti lama lama ta'anii falmii gaggeessu waan ta'eef, seera falmii boqonnaa 7 keessatti baratan hordofuun akka walfalmicha gaggeessan haala mijeessuun gahee barsiistotaati.

**Barannoo 2: Dubbisuu (wayitii 2)**

Barannoo kana kessatti, barattoonni:

- barruu dubbisuuf deeman nitilmaamu;
- barruu kenname dubbisaa odeeffannoo murtaa'aafi dimshaashaa adda nibaasu;
- waan dubbisan keessaa yaada bu'uuraa argatan ni'ibsu.

**Gilgaala 4: Gaaffilee dubbisaan dura**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate osoo hindubbisin dura gaaffilee shaakala dubbisuun duraarratti akka mariyatan taasisuu;
- yeroo barattoonni mariyatan irra naanna'uun daawwachuu
- yaada isaani irraa fuuchuun gara shaakala yeroo dubbisuutti akka ce'an qajeelfama ifaa ta'e kennuu;
- hordoffiifi deeggarsa barbaachisu hunda taasisuu.

**Deebii gilgaala 4**

Gaaffileen gilgaala kana jalaa deebii murtaa'aa hinqaban.Kanaaf, barattootni wayita mariyatan yaada isaan kaasan irraafuuchuun hojii itti aanuuf onnachiisuun barbaachisaadha.

**Gilgaala 5: Gaaffilee Yeroo Dubbisuu**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisuu osoo hineegalin gaaffilee yeroo dubbisuu akka barreeffataniifi sirriitti hubatan taasisuu,
- barattoonni dubbisa dhiyaateef akka xiyyeeffannoon dubbisaaniif qajeelfama ifaa ta'e kennuu;
- akka barattoonni deebiiwwan kennanirratti hiriyaa isaanii waliin walbira qabanii ilaalan taasisuu;
- yeroo barattoonni deebii isaanii walbira qabanii ilaalan irra naanna'uun daawwachuu;
- dhumarratti deebii sirrii ta'e kennuufiin akka of madaalan gochuu.

**Deebii gilgaala 5**

1. barattuu kutaa 8ffaati.
2. waggaa14
3. aadde beektuu
4. waan baay'ee jaallattuuf
5. hojii manaa kennamu sirriitti waan hojjettuuf

**Gilgaala 6: Gaaffilee dubbisuun boodaa**

**Gahee Barsiisaa/tu**

- dubbisicharratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan akka deebisan qajeelchuu;
- gaaffilee gilgaala 6 A jala jiran dhuunfaan eega hojjetanii booda lama lamaan akka waliif sirreessan qajeelchuu;
- gilgaala 6B jalatti barattoonni muuxannoo qabaniifi hubannoo dubbisicharraa argataniin faayidaafi miidhaa mobaayiliirratti gareen mariyachuun dareef akka gabaasan qajeelchuu;
- deeggarsaafi hordoffii gochuu;
- duub deebii barattootaaf kennuun yaada waliigalaa qabsiisuu

**Deebii gilgaala 6A**

1. dhugaa
2. soba
3. soba
4. dhugaa
5. soba

**Deebii gilgaala 6B**

Gaaffiin gilgaalli 6B jala jiru deebii murtaa'aa hinqabu.Yaada isaan dhiyeessan dhaggeeffachuun duubdeebii qajeelaa kennuun barbaachisaadha.

## Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa (wayitii 2)

Barannoo kana kessatti, barattoonni

- jechoota hiika faallaa qaban walitti nifiroomsu;
- jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsaa nikennu;
- jechoota kennaman irraa jechoota tishoo ni'ijaaru.

**Gahee barsiisaa/tu**

- jechoota hiika faallaa isaaniitiin akka walitti firoomsan qajeelfama sirrii ta'e kennuu;
- gaaffilee gilgaala 7A jala jiran dhuunfaan eega hojjetanii booda lama lamaan akka waliif ilaalan haala mijeessuu;
- gaaffilee gilgaala 7B jala jiran gareen akka hojjetan, gilgaala 7 C immoo dhuunfaan hojjetanii akka walitti agarsiisan taasisuu;
- deeggarsaafi hordoffii barbaachisu gochuu;
- duubdeebiisirrii kennuu.

**Deebii gilgaala 7A**

1. G 2D 3C 4A 5B 6H 7F 8E

**Deebii gilgaala 7B**

1. gahee
2. barfattee
3. nijaallatti
4. hinfeetu
5. "Tole" hinjettu.

**Deebii gilgaala 7C**

1. sablammii
2. muktumaa
3. hardiida
4. namtolcchee
5. lubbu qabeeyyii
6. rogsadee

## Barannoo 4: Barreessuu (wayitii 2)

Barannoo kana kessatti, barattoonni:

- ☞ fakkeenya kenname bu'uureffachuun qabxiilee kennaman fayyadamanii keeyyata tokko nibarreessu;
- ☞ hiriyaa isaaniif xalayaa nibarreessu.

**Gahee barsiisaa**

- ♦ fakkeenya kenname bu'uureffachuun keeyyata akka barreessan taasisuu;
- ♦ xalayaa hiriyaaf akka fakkeenyaatti kenname dubbisanii akka hubatan qajeelchuu;
- ♦ hubannooargatanbu'uura godhachuun xalayaa hiriyaa isaaniif akka barreessan qajeelchuu;
- ♦ deeggarsaafi hordoffii barbaachisu hunda taasisuu;
- ♦ duub deebii sirriifi ifaa ta'e kennuu.

**Deebii gilgaala 8A**

Barattoonni keeyyata kenname dubbisanii hubatu

**Deebii gilgaala 8B**

Barattoonni qabxiilee kennaman fayyadamuun keeyyata barreessu.

**Deebii gilgaala 8C**

Barattoonni fakkeenya xalayaa barreeffame ka'umsa godhachuun hiriyaa isaaniif xalayaa barreessu.

## Barannoo 5: Caasluga (wayitii 1)

Barannoo kana kessatti barattoonni:

- ☞ maalummaafi garaagarummaa hima salphaafi hima dacha nihimu;
- ☞ hima salphaafi hima dacha adda nibaasu;
- ☞ hima salphaafi hima dacha shan shan nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tu**

- ♦ maalummaafi garaagarummaa hma salphaafi hima dachaa irratti ibsaafi yaadannoo gabaabaa kennuu;
- ♦ fakkeenyota garaagaraa kennuun shaakalsiisuu
- ♦ gilgaala 9 A barattoonni dhuunfaan akka hojjetan taasisuu;

- gilgaala 9 B dhuunfaan eega hojjetanii booda gareen akka waliif ilaalan taasisuu;
- hordoffiifi deeggarsa barbaachisu gochuu;
- yaaddeebii kennuu.

**Yaadannoo**

Himni salphaan gochima tokko qofa kan qabu yookaanciroo of danda'aan walqixa ta'uu kan danda'udha.

***Fakkeenya***

*a. Laliseen asoosama gabaabaa dubbiste.*

*b. Dargaggoonni magaalaa Jimmaa tapha kubbaa miilaan tokkoffaa ba'an.*

**Himni dachaa** himoota sasalphaa lamaafi isaa ol ta'anii garuu himuma tokko kan ijaaranidha.

***Fakkeenya:***

*1. Galateen mana kitaabaa deemte; kiyyaan immoo dareetti deebite.*

*2. Caaltuun ciree ishee nyaattee gara mana barumsaa deemte.*

**Deebii gilgaala9A**

1. hima salphaa
2. hima dachaa
3. hima salphaa
4. hima dachaa
5. hima salphaa
6. hima dachaa

## Deebii gilgaala 9 B

Barattoonni himoota adda addaa waan barreessanuuf deebii murtaa'aa hinqabu.Garuu, himoota isaan barreessan ilaaluun bakka barbaachisutti deeggarsaafi sirreeffama kennuun barbaachisaadha.

## Barannoo 6: Afoola (wayitii 1)

Barannoo kana kessatti barattoonni:

- Durdurii dubbisanii caacculee durdurii adda nibaasu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- durdurii dhiyaateef dhuunfaan dubbisanii akka hubatan qajeelchuu;
- maalummaafi caacculee durdurii irratti ibsa gabaabaa kennuufii;
- fakkeenya kennuufiin gilgaala 10 dhuunfaan hojjetanii lama lamaan akka waliif ilaalan gochuu;
- deeggarsaafi hordoffii barbaachisu hunda taasiss;
- duubdeebii kennuu.

**Deebii Gilgaala 10**

1. **D 2B 3A 4 B**

# Silabasii Barnoota Afaan Oromoo

# (Akka Afaan Lammaffaatti)

# Kutaa 8

# Baafata

**Mata duree** **Fuula**


Boqonnaa Tokko: Ayyaana Uummataa (Wayitii 10) ........ 71

Boqonnaa Lama: Tola Ooltummaa (wayitii 10) ........ 73

Boqonnaa sadii: Bineeldota (Wayitii 10) ........ 76

Boqonnaa Afur: Dhukkuboota Daddarboo ........ 78

Boqonnaa Shan: Sheekkoo (wayitii 10) ........ 81

Boqonnaa ja'a: Tuurizimii (wayitii 10) ........ 83

Boqonnaa Torba: Falmii (wayitii 10) ........ 85

Boqonnaa Saddeet: Fayyadama Teekinooloojii (wayitii 10) ........ 87

## Seensa

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootaa afaanonni garaagaraa 80 ol keessatti dubbatamuudha. Afaanota kanneen keessaa baayyeen isaanii naannoo adda addaatti afaan hojiifi afaan barnootaa kutaa 1-4 akkasumas 1-8 ta'anii akka fedhii hawaasaatti tajaajilaa jiru. Akkaataan afaanonni itti barsiifaman fedhii, galma yookiin bu'aa naannon barbaadu waan murteessuuf itti fayyadama ykn tajaajila afaanota garaagaraa irratti dhiibbaa qaba.

Afaan dhalootaa biratti dabalataan afaan biyya keessaa barachuun qunnamtiifi waliigaltee namootaafi saboota gidduutti godhamu milkeessuuf yookiin mijeessuuf baayyee murteessaadha. Kana malees, aadaa saba biraa baruufi carraa hojii argachuu bal'isuuf nigargaara. Kanaafuu, kaayyoon afaan lammaffaa manneen barnootaa keessatti kennuu barattoonni aadaa walii akka baran, caalaatti akka wal hubataniifi waliigalan taasisa. Dandeettii afaanii ga'umsa qabu horachuun jireenya barattoota mijeessuun naannoon osoo hindaanga'in namootaan salphatti akka waliigalan taaisuuf carraa uuma; darbees tokkummaa cimsuun akka naannoofi akka biyyaatti akka yaadan taasisa.

Dandeettii af-lamee/af-heddee horachuun barattootaaf faayidaalee hedduu qaba: dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuu, hariiroo uumuu, aadaa walii dinqisiifachuu, amataafi seenaa walii kabajuu akka horatatn taasisa. Bu'uuruma kanaan, kaayyoolee kannneen galmaaan ga'uuf silabasiin Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf tajaajilu kun qophaa'e. Hayyoonni afaanii silabasii kanaa akka ka'umsaatti gargaaramuun meeshaalee barnootaa adda addaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammmaffaatti naannoo Oromiyaafi naannoolee biroo keessatti barataniif qopheessuu nidanda'u.

Qabiyyeen afaan federaalaa yookaan afaan lammaffaa barsiisuuf filatamu dandeettii bu'uuraa afaanii afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu)fi dandeettii caaccuulee afaanii kanneen akka seerlugaafi ogbarruu irratti xiyyeeffata. Haata'uu malee, Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuu keessatti ga'umsa afaan waliigaltee barattootaa dagaagsuufi cimsuuf xiyyeeffannoo olaanaan addatti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf kennama.

Akkaataa hammattoo Ministeerri Barnootaa Federaalaa naannooleef gadi buusetti mata dureewwan dandeettii dubbisuu barsiisuuf oolan dhimmoota hundagaleessa (cross cutting) akka saayinsiifi teeknooloojii, dhibee Koronaafi HIV, kornayaa, tokkummaafi aad-heddummaa, taaksiifi gibira, jijjiirama qilleensaa, jaalala biyyaa, beekumsa xabboo, keessummessummaa, araada, barnoota hunda hammattoo, dandeettiifi ogummaa jaarraa 21ffaa, aadaa hojiifi oomishtummaafi koligaltummaan kan walqabatan ta'uu akka qabu ni'eera. Waan kana ta'eef, qophiin silabasiifi kitaaba barattootaa dhimmoota ijoo adda ba'an kana jiddugaleessa godhachuu qaba.

Qophiin silabasii Afaan Oromoo kuniis dhimmoota Ministeerri Barnootaa eereen maddiitti dhimmoota naannoo Oromiyaa calaqqisan bu'uureeffachuun haala qabatamaa naannootti madaqsuun adeemsifama.

**Akeeka**

Akeekni afaan lammaffaa barsiisuu lammii af-heddeefi aad-heddee keessatti afaanicha fayyadamee waliigaluu danda'u oomishuudha. Kunis, rakkoo waliigaltee sababa garaagarummaa aadaatiin mudachuu danda'u furuudha. Sirni barnootaa afaan lammaffaa, lammii afaanota garaagaraatiif ilaalcha gaarii qabu, yaad-sammuudhaan dagaage duudhaafi beekumsa hawaasaa labataa labatatti afaaniifi barreeffamaan darbaa dhufe dinqisiifatu oomishuuf kan kaayyeffate. Caalaatti sirni barnootichaa qabxiilee gaditti tarreeffaman galmaan ga'uuf kan akeekeedha.

- Mala qunnamtiin barsiisuun itti fayyadama afaan lammaffaa sirnaan barattoota gonfachiisuu;
- Dandeettii afaanii bu'uura barnoota egereef isaan barbaachisu horachiisuu;
- Ilaalcha barattoonni dandeettii dubbisuuf qaban cimsuun dubbisuun hubannoofi beekumsa akka horatan taasisuu;
- Barattoonni yaada, fedhii, duudhaafi muuxannoo qaban afaaniifi barreeffaman ga'umsaan akka ibsatan taasisuu;
- Dandeettii kalaqaa jajjabeessuu;
- Ga'umsa dandeettiiwwan afaanii bu'uuraafi xixiqqaa afaan lammaffaa barattootaa dagaagsuu;
- Dandeettii barattoonni afaan tokkoffaatti qaban gara afaan lammaffaati akka fidan jajjabeessuu;

## Kaayyoo

Silabasichi kaayyoolee asii gaditti tarreeffaman qaba:

- dandeettii afaan fayyadamuun waan haarawaa uumuu, kalaquu fi hojii uumuu nihoratu;
- waan baratame ga'umsaafi namuusaan jiruufi jireenya keessatti nifayyadamu;
- beekumsa xabboo , fooyya'insa dhuunfaafi qunnamtii hawaasaaf nifayyadamu;
- oomishaafi oomishitummaa ammayyeessuufi guddisuuf barreeffamoota gargaaraatti nifayyadamu;
- jireenya dhuunfaafi waliinii jiraachuuf seenafi aadaa biyyaa, mirgaafi dirqama lammummaa nihubatu;
- beekumsaafi dandeetti guddina dhuunfaafi dagaagina hojiif haala qabatamaa keessatti nifayyadamu;
- jijjiiramaa akka biyyaafi addunyaatti adeemaa jiru wajjiin tarkaanfachuuf dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuufi qunnamtii bu'a qabeessa nifayyadamu;
- waliin hojjachuufi walirraa barachuuf dandeettiifi beekumsatti nifayyadamu;
- beekumsa ammayyaa, dandeettifi sonawwan akkasumas, sirna barnotaa haaraafi dhimmoota waytaawaa xiyyeeffannoo barabaadan guddina naannoofi biyyaaf nifayyadamu;
- afaanoota hundaaf ilaalcha walfakkaatu niqabaatu;
- Hoggansa ga'umsa qabuu horachuun ,murteessuu dandaa'uufi itti gaafatamumma qabu nihoratu;

# SEMISTEERA 1FFAA

## Boqonnaa Tokko: Ayyaana Uummataa (Wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachaa gaaffilee nideebisu;
- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- Barruu dhiyaate dubbisuun yaadota callaafi ijoo adda baasu;
- Jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti nifiroomsu;
- Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban fayyadamuun bakka duwwaa niguutu;
- Maqaalee dhuunfaafi waliinii adda nibaasu;
- Tapha ijoollee naannoo isaanii nitaphatu.

| Gahumsawwan | Qabiyyee | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada isaa himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu dhaggeeffannaaf ta'u keeyyata tokko qopheessuun qajeelcha barsiistotaa keessa kaa'uu. Gilgaala dhaggeeffachuun duraa qopheessuu; Gilgaalota yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa qopheessuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechuu; dubbisa dhaggeeffataa gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjechuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu. | | Wayitii 2 | Barattoonni gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa dhiyaatan deebisuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa dhiyaatan deebisuu danda'uu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dubbisa dhiyaate dubbisuun odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Barruu Ayyaana Irreechaan walqabatu keeyyata sadii hincaalle qopheessuun kitaaba barattootaa keessa kaa'uu. Gilgaala shaakala dubbisuun duraa qopheessuu; Gilgaala dubbisa diyaate dubbisaa deebisan qopheessuu; Gaaffilee cufaafi banaa dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii yaada callaafi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii yaada callaafi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti firoomsuu | Fayyadama jechootaa | Gilgaalota jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti firoomsuu shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenyota tokko tokko dhiyeessuun jechoota hiika fakkaatii qaban akka walitti firoomsan taasisuu | Fakkeenyota kennameef hordofuun jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti firoomsuu | | Wayitii 2 | Barattoonni jechoota hiika fakkaattii isaaniitiin walitti firoomsuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni jechoota hiika fakkaattii qaban walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessuun murtii kennuu |
| Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa adda baasuu | Barreessuu | Gilgaala himoota bakka duwwaa qaban jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qabaniin guutaman bifa filannootiin qopheessuu. | Gilgaala kenname fakkeenyota garagaraa kennuun shaakalsiisuu | Fakkenyota kennaman hordofuun gilgaalota hojjechuu | | Wayitii 2 | Gilgaalota hojjechuu isaanii hordofuun deeggaruu | Gilgaalota hojjechuu isaanii mirkaneessuun duub deebii kennuu |
| Maqaalee dhuunfaafi waloo adda baasuu | Seerluga | Gilgaala maqaalee dhuunfaafi waloo akka adda baasan shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenyota kennuun maqaalee dhuunfaafi waloo shaakalsiisuu; | Fakkeenyota hordofuun himoota keessatti akaakuuwwan maqaa adda baasuu; gilgaala hojjechuu. | | Wayitii 1 | Barattoonni akaakuuwwan maqaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni akaakuuwwan maqaa adda baasuu danda'uu madaaluun murtii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Tapha ijoollee naannoo isaanii taphachuu | Afoola | Gilgaala tapha ijoollee shaakalsiisu qopheessuu | Tapha ijoollee qopheessuun akka taphatan shaakalsiisuu | Tapha ijoollee dhiyaate qajeelfama hordofanii taphachuu | | Wayitii 1 | Barattoonni tapha ijoollee taphachuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Barattoonni tapha ijoollee taphachuu isaanii mirkaneessuu |

## Boqonnaa Lama: Tola Ooltummaa (wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan  ni'ibsu;
- Waliin dubbii jalqabame nixumuru;
- Barruu dhiyaate dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- Hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- Jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban adda nibaasu;
- Keeyyata keessatti walqabsiistota adda nibaasu;
- Himoota keessatti sirna tuqaalee bakka sirriitti nifayyadamu;
- Himoota keessaa maqibsoota adda nibaasu;
- Ergaa mammaaksotaa nihimu.

| Gahumsawwan | Qabiyyee | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada isaa hubachuufi himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu dhaggeeffannaaf ta'u keeyyata tokko qopheesuun qajeelcha barsiisotaa keessa kaa'uu. Gilgaala dhaggeeffachuun duraa qopheessuu; Gilgaalota yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa qopheessuu. Gilgaala waliin dubbii jalqabame xumursiisu qopheessuu | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu. Gilgaala waliin dubbii jalqabame akka xumuran jajjabeessuu | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechuu; dubbisa dhaggeeffataa gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjechuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu. Barattoonni waliin dubbii jalqabame guutuudhaan fedha tola ooltummaa irratti qaban ni ibsu | | Wayitii 2 | Barattoonni gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa dhiyaatan deebisuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu Yemmuu waliin dubbii taasisan seeraan dubbachuu isaanii hordofuufi deeggarsa taasisuu | Barattoonni gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa dhiyaatan deebisuu danda'uu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu Waliin dubbiin haala barbaadameen adeemsisamuu mirkaneeffachuu |
| Dubbisa dubbisuun yaada callaafi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Barruu seenaa Abbabach Goobanaarratti hundaa'e keeyyata afur hincaalle qopheessuun kitaaba barattootaa keessa kaa'uu. Gilgaala fakkii ilaalanii waan irraa hubatan ibsan qopheessuu; Gilgaala bakka duwwaa guutuu ykn deebii gabaabaa kennuun dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisan qopheessuu; Gaaffilee cufaafi banaa dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Jechootaaf hiika galumsaa kennuu | Fayyadama jechootaa | Gilgaala dubbisa irratti hundaa'uun hiika jechoota haaraa tilmaamsisu bifa filannootiin qopheessuu | Fakkeenya kennuun gilgaala kenname hojjechiisuu | Fakkenya kennamerratti hundaa'uun gilgaala hojjechuu | | Wayitii 1 | Jechootaaf hiika galumsaa kennuu isaanii hordofuun deeggaruu | Jechootaaf hiika galumsaa kennuu isaanii madaaluun yaad-deebii kennuu |
| Jechoota sagalee laafaafi jabaa adda baasuu<br>Keeyyata keessatti walqabsiistota adda baasuu | Barreessuu | Gilgaala himoota bakka duwwaa jechoota sagalee laafaafi jabaan guutaman qopheessuu.<br>Gilgaala keeyyata keessatti walqabsiistota akka adda baasan taasisan qopheessuu.<br>Gilgaalota hima keessatti sirna tuqaalee galchuu shaakalsiisan qopheessuu | Fakkeenyota gara garaa kennuun sagaleewwan laafaafi jabaa akka adda baasan shaakalsiisuu.<br>Keeyyata qopheessuun walqabsiistota akka agarsiisan shaakalsiisuu.<br>Himmota kennuun sirna tuqaalee galchuu shaakalsiisuu | Fakkeenyota hordofuun gilgaalota kennaman shaakaluu<br>Himoota keessatti sirna tuqaalee galchuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Barattoonni sagaleewwan laafaafi jabaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu.<br>Walqabsiistota adda baasuu isaanii hordofuu<br>Sirna tuqaalee sirriitti galchuu isaanii hordofuu | Barattoonni sagaleewwan laafaafi jabaa adda baasuu isaanii mirkaneessuun duub deebii kennuu.<br>Walqabsiistota adda baasuu isaanii madaaluu<br>Sirna tuqaalee sirriitti galchuu danda'uu isaanii madaaluu |
| Hima keessatti maqibsoota adda baasuu<br>Hima keessatti sirna tuqaalee galchuu | Seerluga | Gilgaalota himoota keessatti maqibsoota akka adda baasan taasisan qopheessuu | Himoota keessatti maqibsoota akka agarsiisan fakkeenyota kennuun shaakalsiisuu | Fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun himmota kennaman keessatti maqibsoota adda baasuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Barattoonni maqibsoota adda baasuu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni maqibsoota adda baasuu isaanii mirkaneessuun duubdeebii kennuu. |
| Daneettii ergaa mammaaksaa adda bafachuu horachuu | Afoola | Gilaala mammaaksa ergaa garagaara qabu qopheessuu | Mammaksota garagaraa dhiyeessuun erga isaa akka hubatan shaakalsiisuu | Ergaa mammaaksota kennamaniirratti mariyachuun dareef ibsuu | | Wayitii 1 | Barattoonni ergaa mammaaksota kennaman ibsuu isaanii hordofuufi deeggasa kennuu | Barattoonni ergaa mammaaksota kennaman ibsuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |

## Boqonnaa sadii: Bineeldota (Wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- Barruu dhiyaate tokko dubbisuun yaadaolee callaafi ijoo adda nibaasu;
- Hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- Jechoota sagalee irrabutaa qaban nibarreessu;
- Himoota keessatti gochimoota adda nibaasu.
- Seera hibboo eeganii nihibbifatu
- Tapha hibbootti nigammadu.

| Gahumsawwan | Qabiyye e | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada isaa hubachuufi himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu bineeldota ilaallatu keeyyata tokko qopheesuu. Gilgaala dhaggeeffachuun duraa qopheessuu; Gilgaala yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa qopheessuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu. | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa deebisuu | | Wayitii 2 | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii mirkaneessuun duub deebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dubbisa dhiyaate dubbisuun yaada callaafi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Mataduree "Bineeldota" jedurratti barruu keeyyata sadii hincaalle qopheessuu. Gilgaala dubbisuun duraa qopheessuu; Gaaffilee dubbisa diyaate dubbisaa deebisan qopheessuu; Gaaffilee cufaafi banaa dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Hiika jechootaa haala galumsaan hubachuu | Fayyadama jechootaa | Gilgaala hiika jechootaa galmsa keessatti shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenyota kennuun hiika jechootaa galumsa keessatti shaakalsiisuu | Fakkeenyota hordofuun hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu | | Wayitii 1 | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Jechoota sagaleewwan irrabutaa qaban barreessuu | Barreessuu | Gilgaalota sagaleewwan irrabutaa akka barreessan shaakalsiisu qopheessu | Fakkeenyota garaagaraa kennuun jechoota sagaleewwan irrabutaa barreessuu shaakalsiisuu | Fakkeenyota kennaman hordofuun jechoota sagaleewwan irrabutaa barreessuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Barattoonni jechoota sagaleewwan irrabutaa barreessuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni jechoota sagaleewwan irrabutaa barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuun duubdeebii kennuu |
| Himoota keessatti gochimoota adda baasuu | Seerluga | Gilgaala hima keessatti gochimoota akka adda baasan taasisan qopheessuu | Gochimoota adda addaa akka fakkeenyaatti kennuun himoota keessaa akka adda baasan shaakalsiisuu | Fakkeenyota hordofanii himootaafi jechoota keessaa gochimoota adda baasuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Barattoonni gochimoota adda baasuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Barattoonni gochimoota adda baasuu danda'uu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Seera hibboo eeguun hibbifachuu | Afoola | Gilgaala hibboo shaakalsiisu qopheessuu. | Hibboowwan qopheessuun fakkeenya kennuun shaakalsiisuu | Fakkeenyaa kenname hordofuun tapha hibboo shaakaluu | | Wayitii 1 | Barattoonni hibboowwan kennaman seera eeganii hibbifachuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Barattoonni hibboowwan kennaman seera eeganii hibbifachuu danda'uu isaanii madaaluu |

## Boqonnaa Afur: Dhukkuboota Daddarboo

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- Barruu dhiyaate tokko dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- Hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- Yaadannoo dhuunfaa guyyuu nibarreessu;
- Himoota keessatti gochibsoota adda nibaasu.
- Hiika jechamootaa ni'ibsu;

| Gahumsawwan | Qabiyyee | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada isaa hubachuufi himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Waliin dubbii dhaggeeffannaaf ta'u tokko qopheessuun qajeelcha barsiisaa keessa kaa'uu. Gilgaala dhaggeeffachuun duraa qopheessuu; Gilgaala barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'anii deebisan qopheessuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dhaggeeffachiisuun, gilgaala dhaggeeffachuu akka hojjetaa qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hajjachiisuu | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa deebisuu | | Wayitii 2 | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii mirkaneessuun duub deebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dubbisa dhiyaate dubbisuun yaada callaafi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Barruu waliin dubbii ofkeessaa qabu qopheessuun kitaaba barattootaa keessa kaa'uu. Gilgaala shaakala dubbisuun duraa qopheessuu; Gilgaala bakka duwwaa barruu dubbisaa guutan qopheessuu; Gaaffilee cufaafi banaa dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 3 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Hiika jechootaa haala galumsaarraa kennuu | Fayyadama jechootaa | Gilgaala hiika jechootaa galmsa keessatti shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenyota kennuun hiika jechootaa galumsa keessatti shaakalsiisuu | Fakkeenyota hordofuun hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu | | Wayitii 1 | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Dandeettii yaadannoo dhuunfaa qabachuu | Barreessuu | Gilgaala yaadannoo dhuunfaa qabachuu shaakalsiisu qopheessuu | Ibsa gabaabaafi fakkeenya kennuun yaadannoo dhuunfaa qabachuu akka shaakalan qajeelchuu | Ibsaafi fakkeenya kennameef bu'uura godhachuun yaadannoo dhuunfaa qabachuu shaakaluu. | | Wayitii 1 | Barattoonni yaadannoo dhuunfaa qabachuu isaanii hordofuun deeggaruu | Yaadannoo dhuunfaa qabachuu danda'uu isaanii mirkaneessuufi duub deebii kennuu |
| Gochibsoota adda baasanii agarsiisuu | Seerluga | Gilgaalota gochibsoota adda baasuu shaakalsiisan qopheessuu | Ibsaafi fakkeenyota kennuun gochibsoota akka adda baasan qajeelchuu | Fakkeenyota hordofuudhaan gochibsoota adda baasuun agarsiisuu | | Wayitii 2 | Gochibsoota adda baafachuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Gochibsoota adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu |
| Dandeettii hiika jechamootaa kennuu | Afoola | Gilgaala hiika jechamootaa akka shaakalan taasisu qopheessuu. | Ibsa gabaabaafi fakkeenyota kennuun hiika jechamootaa shaakalsiisuu | Fakkeenyota hordofuun hiika jechamootaa kennuu | | Wayitii 1 | Hiika jechamootaa kennuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Hiika jechamootaa kennuu danda'uu isaanii madaaluufi duubdeebii kennuu. |

# SEMISTEERA 2FFAA

# Boqonnaa Shan: Sheekkoo (wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- Barruu dhiyaate tokko dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- Hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- Seenaa jireenyaa isaanii nibarreessu;
- Akaakuuwwan gaalee adda nibaasu.
- Ergaa durduriiwwanii ni'ibsu;

| Gahumsawwan | Qabiyye e | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada isaa hubachuufi himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu dhaggeeffannaaf ta'u (sheekkoo) keyyata lama hincaalle qopheesuu. Gilgaala dhaggeeffachuun duraa qopheessuu; Gilgaala baruu dhaggeeffatan irratti hundaa'anii deebisan qopheessuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu. | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa hojjechuu; dubbisa dhaggeeffataa gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu deebisuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu. | | Wayitii 2 | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii mirkaneessuun duub deebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dubbisa dhiyaate dubbisuun odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Barruu sheekkoon walqabatu keeyyata sadii qopheessuu; Gilgaala shaakala dubbisuun duraa qopheessuu; Gilgaala barruu dubbisaa hojjetan qopheessuu; Gaaffilee dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Hiika jechootaa haala galumsaarraa kennuu Dandeettii hima ijaaruu | Fayyadama jechootaa | Gilgaala hiika jechootaa galmsa keessatti shaakalsiisu qopheessuu Gilgaala jechoota haaraa fayyadamuun hima ijaaruu shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenyota kennuun hiika jechootaa galumsa keessatti shaakalsiisuu Jechoota baratan fayyadamanii hima akka ijaaran qajeelchuu | Fakkeenyota hordofuun hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluu Jechoota barataniin hima ijaaruu shaakaluu | | Wayitii 2 | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluufi jechoota barataniin hima ijaaruu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessatti shaakaluufi hima ijaaruu danda'uu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Dandeettii seenaa jireenyaa ofii barreessuu | Barreessuu | Gilgaala seenaa jireenyaa isaanii barreessuu keessatti shaakalan qopheessuu | Akkaataa seenaan jireenyaa itti barreeffamu fakkeenya dhiyeessuun seena jireenyaa isaanii akka barreessan qajeelchuu | Fakkeenya dhiyaateef hordofanii seenaa jireenyaa isaanii barreessuu | | Wayitii 1 | Haala itti seenaa jireenyaa isaanii barrssan hordofuufi deeggarsa kennuu | Seena jireenyaa barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuufi duub deebii kennuu |
| Akaakuuwwan gaalee adda baasuu | Seerluga | Gilgaalota akaakuuwwan gaalee keessatti shaakalan qopheessuu | Ibsaafi fakkeenyota dhiyeessuun akaakuuwwan gaalee akka adda baafatan taasisuu | Fakkeenyota bu'uura godhachuun akaakuuwwan gaalee adda baasuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Akaakuuwwan gaalee adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Akaakuuwwan gaalee adda baasuu isaanii mirkaneeffachuun duubdeebii kennuu |
| Ergaa durdurii himuu | Ogbarruu | Gilgaala ergaa durdurii gabaabaa akka himan shaakalsiisu qopheessuun | Durdurii gabaabaa dhiyeessuun waan hubatan akka ibsan qajeelchuu | Durdurii dubbisanii ergaa isaa imuu shaakalu | | Wayitii 1 | Ergaa durdurichaa himuu isaanii hordofuun deeggaruu | Ergaa durdurichaa himuu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |

## Boqonnaa ja'a: Tuurizimii (wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni'ibsu;
- Barruu dhiyaate dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- Hiika fakkaattiifi faallaa jechootaa akkaataa galumsarraa nitilmaamu;
- Himoota kennaman walitti hidhuun keeyyata nibarreessu;
- Dhamjechoota niqoqqoodu.
- Ogwalaloo dubbisuun ergaa isaa ni'ibsu;

| Gahumsawwan | Qabiyyee | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada isaa hubachuufi himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu dhaggeeffannaaf ta'u kan tuuriizimiin walqabatu qopheesuu. Gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa qopheessuu; | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu. | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa hojjechuu; dubbisa dhaggeeffataa gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu deebisuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu. | | Wayitii 2 | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni gaaffilee dhiyaatan afaaniin deebisuu isaanii mirkaneessuun duub deebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| - Dandeettii dubbisa dhiyaate dubbisuun odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Barruu Tuuriizimiin walqabatu keeyyata sadii hincaalle qopheessuu; Gilgaala shaakala dubbisuun duraa qopheessuu; Gilgaala barruu dubbisaa hojjetan qopheessuu; Gaaffilee dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Jechoota hiika fakkaattiifi faallaa qaban walitti firoomsuu | Fayyadama jechootaa | Gilgaalota hiika fakkaattiifi faallaa qaban akka walitti firoomsan shaakalsiisu qopheessuu; | Fakkeenyota tokko tokko itti agarsiisuun shaakkalsiisuu | Fakkeenyota hordofuun hiika fakkaattiifi faallaatiin walitti firoomsuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Barattoonni jechoota hiika fakkaattiifi faallaatiin walitti firoomsuu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni jechoota hiika fakkaattiifi faallaatiin walitti firoomsuu danda'uu madaaluu |
| Mata duree kennamuuf fayyadamuun keeyyata tokko barreessuu | Barreessuu | Gilgaala keeyyata barreessuu shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenya dhiyeessuun keeyyata barreessuu shaakalsiisuu | Fakkeenya hordofuun keeyyata barreessuu shaakaluu | | Wayitii 1 | Keeyyata barreessuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Keeyyata tokko barreessuu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |
| Dhamjechoota kennaman qoqqooduu | Seerluga | Gilgaala dhamjechoota qoqqooduu shaakalsiisu qopheessuu | Ibsaafi fakkeenyota dhiyeessuun dhamjechoota akka qoqqoodan qajeelchuu | Fakkeenyota hordofuun dhamjechoota qoqqooduu shaakaluu | | Wayitii 2 | Damjechoota qoqqooduu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Damjechoota qoqqooduu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |
| Walaloo gabaabaa barreessuu | Ogwalaloo | Gilgaala Ogwalaloo gabaabaa shaakalsiisu qopheessuu | Ogwalaloo gabaabaa dhiyeessuun fakkeenya kennuun shaakalsiisuu | Fakkeenya kenname hordofuun walaloo barreessuu shaakaluu | | Wayitii 1 | Walaloo gabaabaa barreessuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Walaloo gabaabaa barreessuu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |

## Boqonnaa Torba: Falmii (wayitii 10)

**Bu’aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan ni’ibsu;
- Barruu dhiyaate dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimu;
- Yaadota kennamaniif irratti falmii nigaggeessu ;
- Jechoota waliin deeman walitti nifiroomsu ;
- Jechoota kennamaniin himoota ni’ijaaru;
- Himoota keessatti dur-duubeewwan addaan ni baasu;
- Faaruu loonii faarsuun itti nigammadu.

| **Gahumsawwan** | **Qabiyyee** | **Haala dhiyaannaa** | **Mala baruu barsiisuu** | | **MDB** | **Yeroo** | **Hordoffii** | **Madaallii** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun waan hubatan himuu<br>Mata duree kennamuuf irratti falmii gaggeessuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu dhaggeeffannaaf ta’u qopheessuu.<br>Gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa qopheessuu<br>Matadureewwan falmiif ta’u qopheessuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa’e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu.<br>Matadureewwan filataman irratti falmii akka gaggeessan taasisuu. | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa hojjechuu; dubbisa dhaggeeffataa gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu deebisuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu.<br>Falmii gaggeessuu. | | Wayitii 3 | Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan himuu; gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan himuu; gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu isaanii mirkaneessuun duubdeebii kennuu |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dubbisa dhiyaate dubbisuun odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa argachuu | Dubbisuu | Mata duree "Falmii" jedhurratti barruu keeyyata sadii qopheessuu; Gilgaala shaakala dubbisuun duraa qopheessuu; Gilgaala barruu dubbisaa hojjetan qopheessuu; Gaaffilee dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Jechoota waliin deeman walitti firoomsuu | Fayyadama jechootaa | Gilgaalota jechoota walitti firoomsuu shaakalsiisu qopheessuu | Fakkeenyota barattootaaf kennuun jechoota waliin deeman akka walitti firoomsan taasisuu | Fakkeenyota kennameef hordofuun jechoota waliin deeman walitti firoomsuu | | Wayitii 2 | Barattoonni jechoota waliin deeman walitti firoomsuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni jechoota waliin deeman walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessuun murtii kennuu |
| Jechoota kennamniin hima ijaaruu | Barreessuu | Gilgaalota hima ijaaruu shaakalchiisuuf ta'u qopheessuu | Fakkeenyota kennuun hima akka ijaaran taasiisuu | Fakkeenya kennameef hordofuun hima ijaaruu shaakaluu | | Wayitii 1 | Barattoonni hima ijaaru isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni hima ijaaru danda'uu isaanii mirkaneessuufi duub deebii kennuu |
| Himoota keessatti dur-duubee adda baasuu<br>Caasaalee himaa adda baasuu | Seerluga | Gilgaala hima keessatti dur-duubee akka adda baasan taasisan qopheessuu<br>Gilgaala caasaalee himaa shaakalsiisu qopheessuu | Dur-duubeewwan adda addaa akka fakkeenyaatti kennuun himoota keessatti dur-duubeewwan akka adda baasan shaakalsiisuu<br>Fakkeenyota kennuun caasaalee himaa shaakalsiisuu | Fakkeenyota hordofuun himoota keessatti akaakuuwwan maqaa adda baasuu; gilgaala hojjechuu.<br>Fakeenyota hordofuun caasaalee himaa adda baasuu | | Wayitii 1 | Barattoonni durduubeefi caasaalee himaa adda baasuu hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni durduubeefi caasaalee himaa adda baasuu danda'uu isaanii madaaluun murtii kennuu |
| Faaruu loonii faarsuu | Afoola | Gilgaala farruu loonii shaakalsiisu qopheessuu | Faaruu loonii qopheessuun akka faarsaan shaakalsiisuu | Faaruu loonii dhiyaate qajeelfama hordofanii faarsuu shaakaluu | | Wayitii 1 | Barattoonni faaruu faarsuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Barattoonni faaruu looniii faarsuu danda'uu isaanii mirkaneessuufi duub deebii kennuu |

## Boqonnaa Saddeet: Fayyadama Teekinooloojii (wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii ergaa isaa adda nibaasu;
- Dubbisa dubbisanii yaada callaafi ijoo adda nibaasu;
- Hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamu;
- Hiika fakkaattiifi hiika faallaa jechootaa nibarreessu;
- Jechoota tishoo adda nibaafatu;
- Keeyyata ibsaa nibarreessu;
- Xalayaa hiriyaa nibarreessu;
- Akaakuuwwan himaa ni'ibsu;
- Caacculee durdurii adda nibaasu.

| Gahumsawwan | Qabiyyee | Haala dhiyaannaa | Mala baruu barsiisuu | | MDB | Yeroo | Hordoffii | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Gahee barsiisaa | Gahee barataa | | | | |
| Barruu dhaggeeffachuun ergaa isaa himuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu dhaggeeffannaaf ta'u qopheesuu. Gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa qopheessuu Matadureewwan falmiif ta'u qopheessuu. | Gilgaala dhaggeeffachuun duraa hojjechiisuu; barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e dubbisuu, gilgaala yeroo dhaggeeffachuu hojjetaa akka dhaggeeffatan qajeelchuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisuu. Matadureewwan filataman irratti falmii akka gaggeessan taasisuu. | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa hojjechuu; dubbisa dhaggeeffataa gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu deebisuu; gilgaala dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu. Falmii gaggeessuu. | | Wayitii 2 | Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan himuu; gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barruu dhaggeeffatan irraa waan hubatan himuu; gilgaalota dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa hojjechuu isaanii mirkaneessuun duubdeebii kennuu |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dubbisa dubbisuun yaada callaafi dimshaashaa adda baasuu | Dubbisuu | Mata duree "Caaltuufi mobaayila ishee" jedhurratti barruu keeyyata sadii qopheessuu; Gilgaala shaakala dubbisuun duraa qopheessuu; Gilgaala barruu dubbisaa hojjetan qopheessuu; Gaaffilee dubbisarratti hundaa'anii deebisan qopheessuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechiisuu; Dubbisicha dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu akka deebisan qajeelchuu; Gaaffilee dubbisuun boodaa akka hojjetan taasisuu | Gilgaala dubbisuun duraa hojjechuu; Saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisaa deebisuu; gaaffilee dubbisuun boodaa hojjechuu | | Wayitii 2 | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni dubbisicha dubbisanii odeeffannoo murtaa'oofi dimshaashaa adda baasuu isaanii madaaluun duubdeebii kennuu |
| Hiika jechootaa galumsarraa tilmaamuu Jechoota tishoo adda baasuu | Fayyadama Jechootaa | Gilgaala hika jechootaa shaakalchiisu qopheessuu Gaaffilee jechoota tishoo adda baasuuf ta'u qopheessuu | Fakkeenyota dhiheessuun hiika jechootaa galumsarraa akka tilmaaman shaakalsiisuu Fakkeenyota jechoota tishoo kennuun shaaklsiisuu | Fakkeenyota hordofuun hiika galumsaa kennuu; jechoota tishoo adda baasuu | | Wayitii 2 | Barattoonni hiika galumsaa tilmaamuufi jechoota tishoo adda baasuu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni hiika galumsaa tilmaamuufi jechoota tishoo adda baasuu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |
| Keeyyata ibsaa tokko barreessuu; Xalayaa hiriyaa barreessuu | Barreessuu | Gilgaala keeyyata ibsaa akka shaakaln taasisu qopheessuu Gilgaala xalayaa hiriyaa barreessuu keessatti shaakaln qopheessuu | Fakkeenyota dhiyeessuun keeyyata ibsaa barreessuu shaakalsiisuu Xalayaa hiriyaa tokko fakkeenya kennuun shaakalsiisuu | Fakkeenyota kennaman bu'uura godhachuun keeyyata ibsaafi xalayaa hiriyaa barreessuu shaakaluu | | Wayitii 2 | Keeyyata ibsaa barreessuu isaanii hordofuun deeggaruu Xalayaa hiriyaa barreessuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Keeyyata ibsaafi xalayaa hiriyaa barreessuu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |
| Hima salpaafi hima dachaa adda baasuu | Seerluga | Gilgaalota himoota adda addaa (salphaa, dachaa…) keessatti shaakalan qopheessuu | Fakkeenyota kennuun himoota salphaafi dachaa akka shaakalan qajeelchuu | Fakkeenyota hordofuun himoota salphaafi dachaa shaakaluu | | Wayitii 1 | Akaakuuwwan himaa adda baasuu isaanii hordofuufi deeggarsa kennuu | Akaakuuwwan himaa adda baasuu danda'uu isaanii madaaluun duub deebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Durdurii keessaa qooddattootaa, yoomessaafi jaargocha adda baasuu | Afoola | Gilgaala durdurii gabaabaa qophaa'e keessatti qooddattootaa, yoomessaafi jaargocha adda baasuu shaakalsiisu qopheessuu | Gilgaala kennuun qooddattootaa, yoomessaafi jaargocha durdurii keessaa adda baasuu shaakalsiisuu | GFilgaala hojjachuun qooddattootaa, yoomessaafi jaargocha durdurii keessaa adda baasuu shaakaluu | | Wayitii 1 | Barattoonni qooddattootaa, yoomessaafi jaargocha durdurii keessaa adda baasuu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni qooddattootaa, yoomessaafi jaargocha durdurii keessaa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessuu |